



**QAACCESSA AFOOLA FAYYADAMUUN AFAAN OROMOO
BARSIIISUU KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA**

9^{FFAA}

MABRAATEE GURMUU

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJII NAMOOMAA,
QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTII,
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI
FOOKILOORII**

**SADAASA. 2014/2021
FINFINNEE, ITIYOOPHIYAA**

**QAACCESSA AFOOLA FAYYADAMUUN AFAAN OROMOO
BARSIIISUU KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA**

9^{FFAA}

**MABRAATEE GURMUU DHEERESSAA
GORSAN: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO BARSIIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUU FI
FOOKLOORIITIIF KAN DHIYAATE**

**YUNIVERSITII FINFINNEE KOLLEJII NAMOOMAA
QU'ANNOO AFAAN JORNAALIZIMII FI QUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUU FI FOKILOORII**

SADAASA 2014/2021

FINFINNEE

YUNIVERSITII FINFINNEE

DHAABBATA DIGRII DURAATIIN BOODDEE

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii Lammaffaa(MA) Afaan Oromoo barsiisuuf gamisaan guuttachuuf Mabraatee Gurmuu tiin mata duree: *xinxala afoola fayyadamuun afaan oromoo kutaa 9^{ffaa} barsiisuu* kan jedhu irratti kan qophaa'e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee ykn Walitti qabaa sagantaa digrii Lammaffaa(MA)

Axereera

Qorannoon kun qaaccessa afoola fayyadamuun afaan Oromoo barsiisuu kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} irratti kan iyyeeffate ta'ee ka'umsi isaas afoolli kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessa jiru hangam dandeettiwwan afaanii barsiisa kan jedhu dha. Kaayyoon qorannoo kanaa. qaaccessa afoola fayyadamuun afaan Oromoo barsiisuu kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} ti. Isuma kana immoo qorattuun malleen qorannoo jalatti odeeffannoon madda jalaqaba sakkatta'a dookimentii afaan oromoo kutaa 9^{ffaa}, Maddi sadarkaa lammeffaa immoo af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} barsiisanii fibarattoota kutaa 9^{ffaa} baratanitti dhimma baate. Barattoota kutaa salgeffaa hunda irraa odeeffannoo guurrachuun waan hindanda amneef mala iddattoo kayyootiin barattoonni kudhaafur akka hirmaatan taaniiru. Ragaan funaaname mala akkamtaatiin ibsame. Waantonni xinxala kanaan adda ba'anis: Afoolli yeroo dhiyaatu baay'ina gosoota afoolaa keessaa kanneen dandeettiwwanii fi hiika jechootaa, caaslugaa, duudhaa, safuu fi sirnoota adda addaa akka barsiisuu danda'aniin of keessatti hammachiisun shaakala gahaa waliin dhiyaachuu akka qabu adda baafameera. Qorattuun kun haaluma kaayyoosheetiin bu'aa qorannoo kanaa ta'anii kan mullatan: Barattoonni afoola dubbisan keessatti jecha ulfaataa, yaadaafi fakkoommii hiika isaanii beekuu irratti akka rakkisu adda baafameera. Afoolli Mana barumsaa keessatti barattoonni dandeettiwwan afaanii karaa idilee ta'een akka isaan cimsataniif nigargaara. Keessattuu, dandeettii dubbachuu dubbisuu, barreessuu fi dhaggeeffachuu daran akka cimsatan taasisa. Dabalataanis Haala dhiyaannaa gilgaalota afoolan walqabataniin jiranirraa hubachuun akka danda'ametti, akka waa madaalan, gochaan akka agarsiisan, galumsaan hiika akka kennan akkasumas, gareen akka keessatti hirmaatanitti walsimsiisee dhiyeessuu osoo qabuu, kan irratti xiyyeeffate, deebii afaanii kan barbaadan, shaakala dhuunfaafi ibsa barattoonni akka kennan kangaafatan ta'uun hubatameera. Haaluma kanaan afoola fayyadamanii afaan barsiisuun akka gosa barnoota tokkotti osoo barsiifamuu qabuu mata duree muraasa jalatti qabiyyee dhidhiphaa tiin kennamaajiraachuun hubatameera. Kanaafuu akka gosa barnoota tokkotti yoo ittiin barsiifame kana caala bu'aa guddaa buusa yaada jedhu yaada haaraa qorannoo kanaan kan argame dha.

Galata

Hunda caalaa hojii koo hundumaa keessatti nagargaaree asiin kan na ga'e Waaqayyoo galanni haata'u Itti aansuun, hojii qorannoo kootii kana jalqabaa kaasee hamma dhumaatti nuffe dadhabe otoo hinjedhiin naa qajeelchuu fi sirreessuun kan nafaana dhama'an gorsaa koo Dinqeessaa Dheeressaa (Phd)tiif galanni koo daangaa hin qabu.

Qorannoo kootiif madda odeeffannoo ta'uun milkaa'ina qorannichaa keessatti ga'ee olaanaa kan taphatan barsiisaa Addunyaa Lataa fi Araggaa Bulchaa galanni koo guddaadha. Kana cinaattis fiixaan ba'iinsa hojii kootii kana keessatti deggersa ogummaa,deggersa maallaqaa, barreessuufi najajjabeessuun hanga xummuraatti kan nabira dhaabbate abbaa warraa koo obbo Iddoosaa Kitilaaf galanni koo olaanaadha

Jibsoo

Ariirrata -	Seenduubee
Axereera -	Yaadannoo gabaabaa waa'ee qorannichaa
Xiinxala -	Ciminaa fi hanqina jiru adda baasuu
Safeeffannaa -	Ooddannaa
Bartee -	Amaleeffannaa
Duudha -	Safuu
Lugna -	Dabeessaa
Sadoomii -	Fakkoommii
Argannoo -	Bu'aa qorannichaa
Yaboo -	Yaada furrmaataa
Labata -	Dhaloota itti aanu
Hurruubuu -	Gochaa fi jecchaan agarsiisuu
Lufummaa -	Dhalootaa dhalootatti kan darbu

Baafata

Mata Duree	Fuula
Axereera.....	I
Galata	II
Gabateewwan.....	VI
BOQONNAA TOKKO :SEENSA	1
1.1. Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa	3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa	5
1.4. Faayidaa Qorannichaa.....	5
1.5. Daangaa Qorannichaa	6
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’INSA BARRUU.....	7
2.1. Sakatta’a Barruu Yaadrimee	7
2.1.1.Maalummaa Afoolaa	7
2.1.2.Amaloota Afoolaa.....	8
2.1.3.Gosoota Afoolaa.....	9
2.1.4.Gahee afoolli afaan Barsiisuu keessatti qabu.	10
2.1.5.Walitti hidhannaa ummata Oromoo fi afoolaa	14
2.1.6. Yaaxxina Qorannichaa	15
2.2.Sakatta’a Barruu Walfakkii.....	15
BOQONNA SADII: SAXAXAA FI MALLEEN QORANNICHAA.....	17
3.1.Saxaxaa Qorannichaa	17
3.2.Madda odeeffannoo.....	17
3.3.Malleen funaansa Ragaalee.....	18
3.3.1.Sakkatta’ a Dookimentii	18
3.3.2.Af-gaaffii	18
3.4. Mala Iddatteessuu.....	19
3.5. Qindoomina Qorannoo.....	19
3.6.Tooftaawwan Xiinxala Ragaalee	20

BOQONNAA AFUR: XINXALAA FI IBSA RAGAALEE.....	21
4.1. Ibsa gabaabaa wa'ee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa fo ode-kennitootaa.....	21
4.1.1. Ibsa gabaabaa wa'ee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa	21
4.1.2. Ibsa gabaabaa wa'ee namoota od-kennitoota af-gaaffiif filatamanii.....	23
4.2. Qaaccessa Gahee Afoolli Afaan Barsiisuu Keessatti Qabu.	24
4.2.1. Xiinxala Afoolaan Afaan Barsiisuu kitaabichaa	24
4.2.1.1. Mammaaksaan akkamitti akka afaan barsiifame.....	24
4.2.2. Afoolli kitaabicha keessa jiran hangam Aadaa ummata Oromoo barsiisaa?.....	32
4.2.3. Xiinxala afoola faayyadamanii dandeettiwwan Afaanii barsiisuu kitaaba Afaan oromoo kutaa salgeffaa.....	40
4.2.4.8. Haalli dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnootaa keessatti akkamitti yoo dhiyaate fooyya' aadhaa?	49
4.2.5. Qaaccessa Odeeffannoowwan Af-gaaffiidhaan Barattoota Afaan Oromoo kutaa salgaffaa Mana Barumsa Booraa sadarkaa 2 ^{ffaa}	49
4.2.4.2.6. Afoolan walqabatee kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa keessanii keessatti hanqina akkamii jira?.....	56
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOO FI YABOO.....	57
5.1. Cuunfaa Qorannichaa.....	57
5.3. Yaboo	59
Wabii	60

Gabateewwan

Gabatee 1. Ibsa Boqonnaa fi gilgaalaa.....	21
Gabatee 2 . <i>Xiinxala Afoolaan Afaan Barsiisuu kitaabichaa Gosa afoolaan</i>	23
Gabatee 3.Afoolli kitaabicha keessa jiran jireenya ummata oromoo keessatti ammam bakka qaba	31
Gabatee 4.4. Xinxala Afoola faayyadamani dandeettiwwan Afaanii barsiisuu kitaaba Afaan oromoo kutaa salgeffaa.....	39

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Ariirrata Qorannichaa

Uummanni Oromoo eenyummaa, aadaa, duudhaa, amantaafi faalasama isaagara caaluu kan ittiin ibsatuu fi calaqqisiisu afoolaani. Kanaafuu, Afoolli ibsituu aadaafi calaqqisiistuu eenyummaa hawaasa tokkooti jechu ni dandeenya. Yaada kana ilaalchisee, kitaabni wiirtuu jiidii 4^{ffaa} (1991:86) “Afoolli aadaa, duudhaa, seenaafi eenyummaa dhaloota darbee himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti kan daddabarsuudha” jechuun ibsa. Fedhasaa (2017:35) Misgaanaa (2011) wabeeffachuun akka ibsetti, “Afoolli afaaniin lufaa kan dhufefi seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatee kan as ga’e” ta’uu ibseera. Gabaabumatti afoolli ibsituu aadaa, duudhaa, eenyummaa akkasumas, mul’istuu haala jiruuf jireenya hawaasaafi dhuunfaa kan ibsu ta’uu irratti walii galu. Yaaduma olii kana cimsuun Misgaanuu, (2011:12) “Fookilooriin madda ragaati, kunis qorannoon seenaa, aadaa, duudhaa fi haala uummata tokko keessatti bifa madda raga barreeffamaa hin qabneef madda qorannoo seenaa, aadaa, duudhaa fi amantaa godhachuun tajaajilama” jedha. Kana malees, uummata madda seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnootaa, dinagdee fi hawaasummaa keessatti ni tajaajila. Akkasumas gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba. (Dorson, 1972, Misgaanuu, 2011) Faayidaa isaa ilaalchisee kanneen armaan olii haaqaacceffaman malee kanneen waliinmormiif, naamusaaf safuu wal barsiisuuf, bashannansiisuuf, ooltee bultee guyyaa guyyaa fi mudannoo hawaasaa ibsuuf ooluu ni danda’a. Afoolli umurii dheeraa kan qabudha. Osoo barnoonni ammayaa hinjalqabin dura afoolatti dhimma bahuun hawaasni yaada garaagaraatiif dhimma itti bahaa kan tureedha. Yaada kanarratti hayyoota adda addaa ragaa bahan keessaa muraasa yoo ilaalle, afoolli ogbarruun osoo hinturiin dura kantureefi eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuuf kan bu’aa qabuudha. Hawaasni tokko qarooma isaa keessatti aadaa, amantiifi siyaasa isaa dagaagfachuuf afoolaan dhimma bahaa ture. Kanas Beekan (2015:8) yoo ibsu:

Akka yaada kanarraa hubannutti, afoolli humni cimaa osoo hindagatamin hawaasicha keessa jiraachuu kan qabuufi hawaasa dadammaqisuu keessattis gahee inni qabu guddaa akka ta’eedha. Sababnisaa, afoolli qabeenya hawaasaa ta’uutti dabalee haala jiruufi jireenya hawaasaa kan calaqqisuudha. Falaasamniifi ergaan walfakkaataan afoola hunda keessa jiran duudhaawwan nama tokkorraa nama birootti barreeffamaan osoo hintaane, gochaafi yaada sammuun kan

hawaasa tokkoo isa birootti lufanii asgahaniidha jechuun Beekan (2015:9) ibseera. Akkasumas afoolli hojii kalaqa sammuu namaa keessaa tokko ta'ee, kan osoo ogbarruun barreeffamaa hin jalqabin dura yeroo dheeraadhaaf seenaa jiruufi jireenya ilmaan namaa wajjiin ture ta'uusaas itti dabaluu ibsee jira. Geetaachoon (2009:141) waa'ee faayidaalee afoolaa yoo ibsu, "Afoolli faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa , haara itti galfachuu, ittii bashannanuuf ,akkasumas aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa. Kana malees, ogbarruufis madda" jedha.

Akka yaada kanarraa hubatamutti afoolli bashannansiisuufis, seenaafiduudhaa hawaasa barsiisuufis akkasuma immoo darbee ogbarruu ammayyaatiifis bu'uura yookaan ka'umsa ta'uusaa ifatti mul'ata.

Afaan Oromoo afaanota biyya keenya keessatti dubbataman keessaa afaan saba ballaati. Afaan kun adeemsa barsiisuu biyya keenyaa keessatti akka afaan barnootatti tajaajiluu kan eegale bara 1994 irraa jalqabee naannoo Oromiyaa keessatti hojiirra oole. Bara 1994 dura, sabni Oromoo Aadaa, duudhaafi qarooma isaa qabaatee afoolaan dhalootaarraa dhalootatti dabarsaa kandhufeedha (Tasammaa, 2005) Afoola kana barnoota ammayyaa keessatti hammachiisuun dhiyeessuun barabaachisaadha. Sirni barnootaa biyya keenyaa bara 2009 fooyya'ee bahe afoolatti gargaaramanii afaan barsiisuu ilaalchisee akka jedhutti:

"Language is a social phenomenon. Languages mirror the culture of the societies and of the speakers who use them. Languages are about communication and are the means by which we deliver education to students. Languages allow students to gain information and experience; and exchange views, ideas, and different cultural and social values." jechuun ibsa.

Akka yaada kanaatti, afaan taate hawaasati. Afaan daawwitii aadaa hawaasati. Aadaa ofii ittiin ibsata. Afaan kan baratamuu tajaajila waliigalteefidha. Kanamalees, odeeffannoo kennuufi muuxannoo waljijjiiruu; yaada, ilaalcha, aadaafi duudhaa hawaasaa giddugaleefachuu akka qabu ibsa. Sirni barnootaa afoola ilaalchisee, akka adduyaatti afoolaan gargaaramuun barattoonni akka baratan nijajjabeessa. Yaada kana,

"The Curriculum places a strong emphasis on oral language, it has been widely acknowledged that the implementation of the oral Language strand has proved" (NCCA, 2012:10) jechuun ibsa.

Akka yaada kanaatti afoolli sirna barnootaa keessa galee akka barsiifamuuf yaanni ciccimaan jajjabeeffamu kan jiru ta'uu isaati.

Afoolli Oromoo guddina barnoota afaanichaaf iddoo olaanaa qaba. Barattoonni ogummaawwan dhageeffachuu,dubbachuu,dubbisuu,barreessuu, caaslugaafi hiika galuumsaa gad fageenyaan xiinxaluun ogummaalee kanniin akka gabbifataniif gaheen afoolli taphatu guddaadha. Kaayyoowwan kunniin gama afoolaatiin walqabachuun qabiyyee kitaabichaafi barnoota afaanii keessatti haalli isaan ittiin dhiyaatuu, gahumsii fi hanqini mul'atu ifatti bahee kan qaaceffamuufii hanqinaaleef yaada furmaataa jalatti kallattiin fooyya'iinsaa nikennama. Afoola kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoofi barnoota afaanii keessatti haala dhiyaannaa afoolaa qaaccessuun immoo hanqinaalee mul'atan ifatti mul'isuun furmaata kennuun afoolli kitaaba barnoota afaanii keessattidhiyaannaa sirrii qabaachuun afoola sabichaaf faayidaa guddaa kan kennuudha. Afoolli yeroo kitaaba barnootaa keessatti barsiifamu haala dhiyaannaa of danda'een qophaa'ee kan barsiifamudha. Haalli afoolli barnootaf itti dhiyaatu qorannoon deeggaramuun barsiisuun bu'a qabeessummaa isaa nidabala.

Afoolli hidhata cimaa saba Oromoo waliin qaba.Meeshaa uummanni Oromoo jiruu fi jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti ittiin dhimma ba'u keessaa tokko afooladha.Sabni kun goorowwan afoolaa kanneen akka hiibboon ,sammuu daa'immanii qaree duudhaa fi safuu uummatichaa barsiisa.Akkasumas mammaksa isaan walaraarsa, ittiin walutuba ittiin walqeeqa.Geerarsaan gaddaa fi gammachuu isaa ibsata, goota isaa kakasee lugna isaa jajjbeessa , ciigoo fi jechama isaan waldeebisa.Faaruuun waaqa uumaasaa galateeffata.Kanamalees jaalala fi jibba isaa ittiin ibsata.

Walumaagalatti afoolli calaqqee adaa isaa gama uffannaan, nyaataan, meeshaan,sirnoota adda addaa fi ayyaaneffannaa yookiin waaqeffannaan garaa garaan eenyummaa isaa kan ittiin calaqqiisu waan ta'eef afoolaa fi uummanni Oromoo adda ba'anii hin jiraatani.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Afoolaan hawaasni Oromoo tajaajila akka aadaa, duudhaafi faalaasama isaa ittiin dhalootatti dabarsaa tureefi ammas ittiin dabarsaakan jiruudha. Finnegan, (1970:16). Kana malee, osoo barumsi ammayyaa hinturin hawaasni ijoollee isaa afoolatti gargaaramuun barsiisaa kan tureedha. Erga baruumsi ammayyaa eegalees kan ittiin barsiisuuf dhimma itti bahaa jiruudha. Haata'u malee, haala afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti itti barsiifamuu danda'u irratti qorannoon gahaan gaggeeffamuun wanti ifa ta'e hinjiru.Kun immoo haalli barsiisuu afoolaa bifa of danda'een addatti hubatamuun sirna barnoota afaaniifi qophii kitaaba barnoota afaanii keessatti akka dhiyaatu taasisuurratti rakkoo ta'uu danda'a.Haaluma walfakkaatuun, hawaasni

afoolatti fayyadamuun yaadaafi ergaa barbaade ittiin haa ibsatu malee, dhaloonni duubaa dhufan faayidaa afoolli jiruufi jireenya keessatti qabu adda baasee akka beeku gochuurratti qorannoo gahaa kanbarbaadudha. Sababni afoola kitaaba kutaa salgeffaa keessatti argaman akka qorattuun kun akka filattu taasisan akka waliigalatti gahee afoolli afaan barsiisuu irratti qabu irraa kaatee kitaaba kana sakatta'uu barbaadde.

Qorannoo kana gaggeessuuf wanti ka'umsa ta'e : tokkoffaa, afoolli kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa keessa jiru hangam afaanicha barsiisuu akka danda'u yookiin dandeettiwwan afaanii arfan, dubbisuu, barreessuu, dhaggeeffachuu fi dubbachuu, akkasumas caasluga, hiika jechootaa, faallaa jechootaa, jechamoota barsiisuuf akka mijatutti qopha'uu fi dhiisuu adda baafachuufidha. Lammaffaa, afoolli kitaababarnoota afaan Oromoo kutaa salgaffa keessatti argamu jireenya uummata Oromoo keessatti hangam akka bakka qabu hubachuufidha. Sadaffaa, afoolli kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa salgaffaa keessatti gargaaraman hangam dandeettiwwan afaanicha barsiisa yookiin dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu akka danda'u adda baafachuufidha. Dabalataan hanga qorattuun kun hubatetti qorannoon walfakkii haajiraatuyyuu malee akkaataa afoolli kitaaba barnoota Afaanii keessatti itti dhiyaachuu qabu irratti qorannoon gahaan kan hin gaggeefamne waan ta'eef, akkasumas, akkaataa afoolli kitaaba barataa kutaa salgeffaa keessatti ittiin barsiifamuu qaburraatti kallattii kaa'uuf dha. Kanuma irraa ka'uun, qorattuun qorannoo ishee galmaan gahuuf gaaffilee armaan gadii kanneen deebisuuf bu'uureffatteetti..

➤ Gaaffileen qorannoo kanaan deebii argatu jedhamanii yaadaman kanneen armaan gadiiti:

- Kitaabni barumsa afaan Oromoo kutaa salgaffaa afoola fayyadamuun hangam afaanicha barsiisaa jira?
- Afoolli kitaabicha barnoota afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessa jiru hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.
- Afoolli kitaaba afaan Oromoo kutaa salgaffaa keessatti itti gargaaraman hangam dandeettiwwan afaanichaa barsiisa?
- Akka hanqinaatti waanti ka'u yoo jiraate fuulduratti maal ta'uu qaba?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qaaccessa afoola fayyadamuun afaan oromoo barsiisuu kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 9^{ffaa}

Kaayyooleen gooree qorannichaa kanneen armaan gadiiti:

1. Kitaabni barumsa afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} Afoola fayyadamuun hangam afaanicha barsiisaa akka jiru ibsuuf
2. Afoolli kitaabicha barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessa jiru hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.
3. Afoolli kitaabicha keessatti argamu hangam dandeettiwwan afaanichaa akka barsiisu danda'u ibsuuf
4. Akka hanqinaatti waanti ka'u yoo jiraate fuulduratti maal ta'uu akka qabu fala kaa'uu

1.4. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaa qorannoo kana irraa niargama jettee qorattuun kun akka yaaddutti, bu'aan qorannoo kana irraa argamu, bifa qoratameen kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti hojii irra yoo ole Walitti hidhannaa afoolli uummata Oromoo waliin qabu dhaloota egereef ifa taasisa jedhamee yaadama.

Afoola fayyadamanii afaan Oromoo barsiisuuf qabiyeen afoolaa kitaabicha keessatti argaman ga'umsa qabaachuu fi dhabuu isaanii adda baasee ibsa jedhamee abdatama. Qaamni sirna barnootaa qopheessu haala dhiyaannaa afoolaa kitabilee barataa barnoota afaan Oromoo kutaa salgeffaa keessatti ittiin dhiyaatu qorannoo kana irraa hubachuu nidanda'u jedhamee yaadama.

Biiroon Barnoota Oromiyaa afoolaan afaan barsiisuun walqabatee kitaabilee barataa barnoota afaan Oromoo kutaa salgeffaa keessatti gilgaalootan haala itti shaakala dhiyeessun danda'amu irratti hubannoo argachuu nidanda'u jedhamee abdatama. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa bu'aa qorannoo kanarraa argamu ilaaluun gooroowwan afoolaa kitaabilee barattootaa sadarkaa adda addaatiif haala dhiyaannaa isaanitiin walitti akka qabataniif haala mijeessufii danda'a jedhamee eegama. Namoota dhimma kanarratti qorannoo biraa geggeessuu barbaadaniif daandii saaqa jedhamee abdatama.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun osoo Afaan oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} irratti gaggeeffame ta'ee irra caalaatti bu'a qabeessa ta'a ture. Haata'u malee sababoota hianqina yeroo, maallaqaa fi meeshaalee qorannoof barbaachisan adda addaa irraa kan ka'e Kitaaba barataa Afaan oromoo kutaa 9^{ffaa} irratti xiyyeeffate. Kunis haala dhiyaannaa dameewwan afoolaa kitaaba kana keessatti jiran kamiyyuu hammateera. Sababni isaas haala dhiyaannaa afoolaa kitaaba afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} kana keessatti argaman qofa irratti waan fuulleffateef

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qabiyyee kitaabicha keessatti ammataman hunda kanneen akka seer luugaa, Caasaa himaa hiika jechootaa, gareewwan jechootaa fi kkf irratti ta'uu dhabuun xinxala afoolaa qofa irratti xiyyeeffachuu isaa dha. Qorannoo kana keessatti hanqinoonni tokko tokko kan qorattuu mudatan ni jiru. Sababa fageenyaa fi dhukkuba koronaa vaayresiitiif jecha yeroo yeroon deddeebi'uun gorsaa irraa qajeelfama fudhachaa deemuun qorannicha ga'umsaan gaggeessuu irratti hanqinni namudateera. Haa ta'u malee qorannicha keessatti dhimmoota gorsa barbaadan addaaddaa bakkuma hojii koo taa'ee bilbilaafi imeeliin akkasumas darbee darbee gorsaan wal arguun qajeelfama fudhachuun rakkoo na mudate furuuf yaaleera.

Inni biraa kitaabileen wabii akkataa afaan tokkoffaa afoolaan barsiisuun itti danada'amuurratti argachuu dhabuudha. Kanaaf qorattuun barreeffamoota wabii afaan lammaffaa afoolaan barsiisuun walqabatani jiranitti dhimma baateetti. Gama biraan, kitaabilee wabii Afaan Oromoon barreeffaman bal'inaan dhabamuun qorattuu rakkisee jira.

Walumaa galatti qabiyyee kitaaba afaan Oromoo kutaa salgaffaa kana keessatti hammatamu hndarratti qorannoo gaggeessuun ni danda'ma ture. Ta'us, qorannoon kun xiinala afoola fayyadamuun afaan Oromoo kutaa salgaffaa barsiisuu yaada jedhu ka'umsa godhatee afoola qofarratti kan daangeffamedha. yeroo ishee hanga danda'ametti walsimsiisuunii fi kitaabilee afaan biroon barreeffaman gara Afaan Oromootti jijjiiruun, qorannicha haala gaariin xumuruu dandeessee jirti.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'INSA BARRUU

2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Boqonnaa kana jalatti yaadrimee afoolaa, Maalummaa afoolaa, amaloota afoolaa, gosoota afoolaa, gahee afoolli afaan barsiisuu keessatti qabu, walitti hidhannaa ummata oromoo fi afoolaa, yaaxina qorannichaa fi sakkatta'aa qorannoo walfakkii of keessatti ammata.

2.1.1. Maalummaa Afoolaa

Afoolli kalaqa sammuu dhala namaa jechootaan huccuu miidhaginaa uffatee gochaa fi jechaan labata tokko labata itti aanutti kan daddarbaa dhufee fi daddarbaa jirudha. Afoolli afaaniin kan dubbatamu, kan sirbamu akkasumas unka sagalee kan irra deddeebi'amuun waljalaa qabuun raawwatamu ta'uu wayita ibsan George and Owen (1995:175) "Under the rubric (oral literature) folk spoken, song, and voiced forms of traditional utterance that shows repetitive patterns" jechuun ibsa.

Afoola jechuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamu barreeffamaan osoo hinta'in afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan daddarbaa dhufee fi kan darbaa jiru, fuuldurattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti. Sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenya isa, heeraafi seera isaa, falaasamaafi ooda isaa, walumaagalatti, ilaalcha addunyaa irra jiru kanaaf qabu gara dhaloota itti aanutti dabarsuuf afoolli shooraa guddaa qaba (BBO, 1991).

Haaluma wal fakkaatuun, Bukanya (1994:85) waa'ee ogafaanii ilaalchisee yeroo ibsu, "Oral literature is the heart of people's way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of a people's values, it expresses a given society's world view and gives them a spring board from which their day-to-day existence is propped," jedha.

Akka yaada kanaatti afoola haala jireenya hawaasaa tokkoo murteessuufi kuufama beekumsaa kan fuulduratti hawwasa fuudhee demu ta'usaa hubanna. Hawaasni afoolasaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaafi rakkina jireenya keessatti isa

mudate ittiin ibsata. Kana malees, muuxannoo hawaasni dur keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu ogafaaniin. Kana jechuun, afoola aadaa uummata tokkotti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabaatu taasisa jechuudha. Hawaasni tokko seenaa akkamii keessa darbee akka dhufe adda baafachuuf ogafaaniifi waan afoola keessatti ammatamaniin ibsata. Afoola Oromoo keessatti yeroo jalqabaaf abalutu dursee kana yookaan sana jedhe jechuun nama rakkisa. Amala isaa kanatu ogafaanni qabeenya uummataati isa jechisiise. Haata'u malee, namni uumamaan dandeettii kalaqqii qabu kalaqee hawaasaaf dabarsuun isaa nama ajaa'ibsiisa. Karaa biraatiin

afoola tokko kan dubbatamu taanaan kan dhaggeeffatus waan jiruuf afoola hojii gareeti jedhamee beekama Wasanee (2008:161).

2.1.2. Amaloota Afoolaa

Afoolli amaloota gara garaa qaba. Isaan keessaa warreen bu'uura ta'an: hurruubummaa, jijjiirama, lufummaa, ummatummaafi qindaa'ina. Jaarraa W.f. Wasanee B. (2001:163) tokkoon tokkoon isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

2.1.2.1. Hurruubummaa

Afoolli bareedina goonfatee miira dhaggeeffattoota tuquun ykn kakaasuun akkasumas, qalbii namaa booji'uun kaayyoo isaa galmaan gahuu kan danda'u hurruubummaa ykn gochaan yoo dhiyaateedha. Yaada kana ilaalchisee Zarihuun Asfaaw (1992:25), yoo ibsu, Afoolli gochaan malee dhiyaatu ittoo soogidda malee qophaa'u waliin tokko yoo jenne gurra guddisuu hinta'u. Akka inni jedhutti, gocha malee kan dhiyaatu yoo ta'e miidhagina hinqabu. Miiraafi qalbii dhaggeeffattoota harkisuufi booji'uus hindanda'u. Kanaafuu, akkuma dubbiin mammaaksaan bareeddu, afoollis gochaan bareeda.

2.1.2.2. Lufummaa

Adeemsi afoolli tokko dhalootarraa dhalootatti itti darbu lufummaa jedhama. Afoolli karaa lamaan dhalootarraa dhalootatti daddarbuu danda'a. Haasaa afaaniifi gocha. Kanneen afaaniin daddarban: mammaaksa, hiibboo, walaloo, eebba, abaarsaafi kkf yoo ta'an; kanneen gochaan daddarban immoo: weedduu, geerarsa, dhiichisa, tapha ijoollee, geelloofi kkf dha. Kanneen gochaan dhalootarraa dhalootatti daddarban wantoota lama ofkeessaa qaban. Kan gurraan dhageenyuufi sochii qaamaati.

2.1.2.3. Ummatummaa

Ummatummaan amaloota afoolaa keessaa isa tokkoodha. Afoolli Oromoo kan uummata Oromooti. Afoolli akka kitaabaa abbaa barreesseen hinwaamamu. Ummata sanaan waamama. Sababni isaas, maddi afoolaa uummata waan ta'eef. Afoolli yeroo kamiyyuu garee barbaada., akkasumas, amala hawaasummaafi nama walitti qabuu fedha. Ummanni karaalee adda addaan afoola keessatti qooda fudhachuu danda'a. Fakkeenyaaf, dhaggeeffachuun, jalaa qabuun, irratti hirmaachuun, sochii taasisuunifii kkf kaasuun nidanda'ama. Kanaaf, "Afoolli dimshaashaa (yuniversality) irratti xiyyeeffata."

2.1.2.4 . Jijjiiramummaa

Afaaniin akaakayyuu irraa abbaatti, abbaa irraa ilmatti afaaniin daddarbaa waan dhufeef jijjiiramummaa qaba. Jijjiiramummaan kun jijjiirama unkaati malee kan ergaa miti. Kanaaf afoolli jijjiiramaaf baay'ee kan saaxilameedha. Sababni isaas, afaaniin dhalootarraa dhalootatti waan daddarbuuf akkuma jirutti dabarsuun rakkisaa ta'uu danda'a. Kunis jechaan miidhagina keessa irraa hafuu yookaan itti dabalammu danda'a. Afoolaa fi hawaasa gargar baasanii ilaaluun ulfaataadha. Hawaasni tokko immoo diinagdee, siyaasaan, amantaan, teeknolajii fi haala jiruu fi jireenyaan jijjiiramuu wan danda'uuf afoollis jijjiiraamuu danda'a. Kana ilaalchisee Finnegan (1970:17) yoo ibsiti, "There are also the clases when the performer introduces valiation or order to pieces or event totally naws forms interms of the ditailed word in structure, or the content." yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti, afoolli dhaloota tokko irraa gara dhaloota biraatti kan daddarbu afaaniin waan ta'eef fageenya yerootiin kan ka'e qabiyyeefi buusaa isaarratti jijjiiramni uumamuu kan danda'u ta'uu nuuf mirkaneessa

2.1.2.5. Miidhagummaa

Afoollan oromoo hunduu miidhagina mataa isaanii qabu. Kunis, afoolli tokko haala taa'e sanaan ergaa isarraa barbaadamu sana dabarsuu dandeenyaan miidhagaadha jechuu dandeenya. "Miidhagummaan haala afoolli sun miira sammuu ilma namaa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa kan mul'isuudha." Jaarraafi Wasanee (2001:168) Yaada kana irraa kan hubannu miidhagummaan afoolaa hubatamummaafi qindoomina isaatiifis gahee guddaa qaba jechuudha. Kanaaf, miidhagummaan afoolaa miira ilma namaa akka hawwatu taasisuuf ergaan isaa hubatamuun gahee guddaa qaba

2.1.2.6. Qindoomina

"Afoolli tokko qindoomina qabaachuu qaba. Akka feeteedhaan kan uumamuu miti. Ergaa gadi fageenya qabus akka inni dabarsutti afoola tolchu. Sababa qindaa'ina isaatiin afoolli miidhagina qaba jedhama. Kanaafuu, gurra dhaggeeffataatti nitola." Jaarraafi Wasanee (2001:168) Akka yaada kanarraa hubannutti qindaa'uun afoolaa miidhagina isaatifis gahee guddaa akka qabuudha. Akkasumas, dhaggeeffattoota ofitti harkisuufis faayidaa qabaachuu ni hubanna. Kanaafuu qindaa'uun afoolaa hubatamuu afoolaatiif bu'aa guddaa qaba.

2.1.3. Gosoota Afoolaa

Gosoonni afoolaa hedduudha. Isaanis tajaajilaa fi yoomessa isaanii irratti hundaa'uun gosa gosatti qooduun ni danda'ama. Gosa afoolaa tokko hojiirra oolchuuf yeroo murtawaa barbaada. Bakki

itti dubbatamuu fi haalli itti dubbatamu murtawaadha. Isaan keessaa kanneen bu'uura ta'an makmaaksa, hiibboo, jechama, sheekkoo, oduu durii, geerarsafi weedduu fa'i Geetaachoo (2009:119).

2.1.4. Gahee afoolli afaan Barsiisuu keessatti qabu.

Afoolatti gargaaramuun afaan barsiisuun barattoonni dandeettii (dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu gabbisuu keessatti bu'aa guddaa qaba. Kana malee, afoolli hiika jechootaa sirriifi haala galuumsaa itti barsiisuun bu'a qabeessummaa isaa ni dabala.

Otto (2006) Jabana durii dargaggoonni afaan kan baratan afoolatti dhimma bahuuni. Kana malees, hubannoo addunyaa kanaa akka horatan kan taasifamaa turan afoolan gargaaramuuni. Gaheen afoolaa inni biroo immoo, haala waliin dubbii keessatti dubbii haalawaa barsiisa. Dubbii haalawaatti fayyadamanii dubbachuu keessatti gahuumsaguddaa itti hora. 'Ninio' fi 'Snow' (1999) akkasumas 'Weiss' (2004) daa'imman afoolatti gargaaraman daree barnootaakeessatti yoo taphatan yookan waliin dubbii gaggeessan dandeettii isaan afaanitti fayyadamuu isaanii haala qabatamaa keessatti gabbifachuu danda'u. Faayidaa afoolli dandeettii afaanii barsiisuu kessatti qabu 'Malimo' (2009: 1) wabeeffachuun 'Shang' (2006) akka kanaa gadiitti ibseera:

The implication is that oral literature can be a vehicle to improving learners' overall language skills. This is because it exposes students to a wide variety of styles and genres. Moreover, it is in literature that the resources of the language are most fully and skillfully used. This collaboration between oral literature and language teaching enable students can learn more about how to express their ideas through language.

Akkuma yaada olii irraa hubachuun danda'amutti afoolatti fayyadamanii afaan barsiisuun barattoonni dandeettii afaanii hunda irratti akka cimina goonfataniif gargaara. Kana malees hirmaannan barattoonni qaban akka dabaluuf nigargaara. Gama biraatiin immoo dandeettii waliigaltee uumuu cimsuu qofa osoo hintaane, akka qabiyyee barnoota afaanitti dhiyaachuu kan danda'uudha..

2.1.4.1. Gahee Afoolaa Ogummaa Dhageeffachuufi Dubbachuu Keessatti qabu

Afoolli ogummaa dhageeffachuu keessatti gaheen inni qabu guddaadha. Ogummaa dhageeffachuu gabbisuuf barnoota afaanii keessatti iddoo olaanaa qabaachuusaa hayyoonni hedduun ibsaniiru. Andrzejenskifi kanneen biroo (1985:38) akka itti aanutti ibsa: "...the prime function of oral literature is to provide aesthetic pleasure and entertainment for the listeners". Akka yaada kanaatti, faayidaan afoolaa inni guddaan dhageeffattoota bashannansiisu akka

ta'eedha. Haaluma walfakkaatuun, hawaasni afoolan gargaaramuun yeroo bashannanan dhaggeeffattoonni itti gammaduun kan dhaggeeffataniidha. Dabalataanis, afoolli aadaa hawaasaa ofkeessatti hammatee waan jiruuf, qabiyyeewwan barnoota afaaniitiin walitti hidhamiinsa qabachuusaa agarsiisa. Yaada kana fakkaatu Lauritzen (1980:787) akka ibsetti, " Since oral literature was transmatted through the medium of story-teller, it reflects the devices that used to retain the story in memory and to capture the attention of the audience". Akka yaada kanaatti hojiiilee jireenya dhala namaa keessatti rawwataman afoolatti fayyadamuun kan ibsamaniif, sababa afoolaan gochaawwan adda addaa ibsuun qalbii dhageeffattootaa kan hawwatu ta'uu bira darbee dhimmi afoolaan ibsame sun yeroo dheeraaf akka hinirraaffatamne gochuun kan gargaaru waan ta'eef, kan biroos afoolli jireenya ilmaan namaa wantoota adda addaatiin walbira qabee midhaagina itti uumee waan dhiyeessuuf qalbii dhageeffattootaa haalaan kan ofitti harkisu akka ta'e mul'isa. Haalli kun immoo barnoota Afaan Oromoo keessatti kanaa ol mul'achuu danda'a. Sababni isaas ummanni Oromoo afoolaasaa afaaniin (orally) dhaloota irraa darbaa dhufeen daran waan badhaadhaa ta'eefi. Faayidaa afoolli ogummaa afaaniif qabu irratti, Peter (1994:10) akka armaan gadiitti ibseera:

In brief communication consists of two basic components: the address and the communicator. The latter requires linguistics and cultural equipment that evokes appropriate responses from the addressed party. Oral literary genres embody this equipment whose effectiveness may only be felt if addressee's five senses are culturally endowed to receive and derive meaning from the address

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti, ogummaa dubbachuufi faayidaa afoolli afaan keessatti qabu yoo ibsu, afoolli aadaafi muuxannoo barattootaa waan ofkeessatti hammachuun akka hirmaannaa daree keessaa cimsa, kanamlees barattoonni fedhii guutuu horachuun akka ogummaa dubbachuu gabbifataniif karaa kan banuudha. Jechoonni afoolli ittiin dhiyaatu bifa midhaagina qabuun kuulamee waan dhiyaatuuf, qalbiifimiira namaa hawwachuun dhageeffachuun akka dubbataniif nama kakaasa. Waan kana ta'eef, barattoonni afoolaan ogummaa dhageeffachuufi dubbachuu ittiin kan gabbifatan ta'uu saati.

2.1.4.2. Gahee Afoolaa Ogummaa Dubbisuu fi Barreessuu Keessatti qabu.

Afoolatti gargaaramuun ogummaa dubbisuu barsiisuu ilaalchisee hayyoonni waan hedduu jedhaniiru. Brumfit fi Carter (1986:63) akka ibsanitti, "... the process of reading is a process of meaning creation by integrating one's own needs, understanding, and expectations with a written

text". Akka yaada hayyoota kanaatti, dubbisuu jechuun fedhii, hubannoofi hawwii ofii qaban dubbisa dhiyaate tokkoon walqabsiisuun hiika kennuufii jchuudha. Waa'ee barbaachisummaa afoolaa ilaalchisee Lauritzen (1980:787) caasaan afoolli hawaasaa ittiin qindaa'u mataan isaa fedhii dubbisuu kan hawwatu ta'uusaati. Yaada walfakkaatu Collie & Stephen (1987) afoolli dhiyaatu ergaa kan dabarsuufi bashannansiisaa yoo ta'e dubbisni sun kan hinnuffisiifneefi kan barattoonni beekumsa aaddaatiifi dandeettii xinqooqaas irraa gabbifatan ta'uu akka danda'udha. Faayidaa Afoolli ogummaa afaanii barsiisuu keessatti qabuun walqabsiisuun Lauritzen,(1980:787) akkasitti ibsa:

Stories which have been handed down generation to generation by repeated telling are the stories of oral tradition. In many cultures, these stories are now recorded and can be read rather than heard. Literature in oral tradition can be identified by its special features. Of these many have to which cultural content of the tales, the type of plot structure, the types of characters and typical themes and motifs.

Yaada oliirraa akkuma hubatamutti, Afoolli seenaa jireenya dhala namaa waliin bara durii jalqabee dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufe ta'uun beekkamaadha. Gama biraan, yeroo ammaa afoolaan barreeffaman waan dhiyaataniif dubbifamanii ogummaa dubbisuu ittiin gabbifachuuf mijatoo akka ta'an agarsiisa. Kun immoo afoolaawwan qindeeffamanii barreeffamaan ta'an kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessa galchuun ogummaa afaanii gurguddoo afran ittiin gonfachiisuudhaaf kan gargaaru ta'uusaa mul'isa. Hayyichi kun itti dabaluun caasaan seenaa afoolaa dhiyaatu, qabiyyeen aadaa hawaasaa calaqqisiisu, fakkaattonni seenichaafi ergaan afseenichaan darbu faayidaa afoolaa adda kan taasisu ta'uusaa ibsa. Qabxiin guddaan yaada armaan olii irraa hubatamu afoolli akkuma ogbarruu hammayyaa jaargocha, fakkaattota, yoomessa, waldiddaafi ergaa qabaachuu akkasuma immoo aadaa saba tokkoo akkuma jirutti kan calaqqisiisu ta'uusaa mul'isa.

Barreessaan tokko mata duree kamirrattuu yoo barreessu ergaa ciminafi gad fageenya qabu dabarsuuf malleen dubbiifi jechoota/jechamoota filatamoo ta'an fayyadamuun baay'ee barbaachisaadha.

Ogummaan barreessuu ogummaalee afaanii gurguddoo afran jiran keessaa xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha. Sababiin isaas, akka dubbachuu fuulaa- fuulatti waan dogongora sirreeffachuun rakkisaa ta'eeffidha. Waa'ee ogummaa barreessuu ilaalchisuun McMahanfi kanneen biroo (1986:7) yoo ibsan,

“Writing for diverse group about whom you know little is more difficult than writing writing for a specific audience whom you know well”. Akka yaada kanaatti, namni waa barreessu tokko namoota seenduubee (background) isaanii sirritti hin beekneef barreessuurratti baay’ee kan rakkatu akka ta’e ibsa. Sababiin isaas, aadaa, barsiifata, safuufi eenyummaa namoota dhimma wayii itti barreessu sanaa osoo hin hubanne yoo barreesse ergaa karaa sirriin waan hindabarsineefuu dubbistoota biratti rakkoo fiduu kan danda’uudha. Finnegan (1976:11) waa’ee dhageeffattoota afoolaa yoo ibsitu, namoonni dubbii afoolaan dhiyaatu tokko calluma jedhanii gurratti hinfudhatan. Itti hirmaatu. Yaada isaanii irratti kennu. Kanarraa kan hubatamu afoolli dhiyaatu muuxannoofi mudannoo akkasuma jiruu fi jireenya dhageeffattoota wajjiin waan walqabatuuf callisanii dhageeffachuu caalaa itti akka hirmaataniidha.

2.1.4.3. Gahee Afoolaa Caaslugaafi Hiika Jechootaa Keessatti qabu

Afoolaan gargaaramuun caaslugaafi hiikaa jechootaa barsiisuun nidanda’ama. Tajaajilli afoolaa ogummaalee afaanii bira darbuun caasluga, hiika jechootaa sagaleessuu kennu ilaalchisuun Rai (2012:71) akka ibsetti,

“Use of literature as a technique for teaching both basic language skills (i.e. reading, writing, listening and speaking) and language areas (i.e. vocabulary, grammar and pronunciation) is very popular within the field language learning and teaching”.

Akka yaada kanaatti afoolli ogummaawwan afaaniifi hiika jechootaa, caaslugaafi sagaleessuu ittiin barsiisuuf akka tooftaatti beekamaa akka ta’eedha.

Afoolli osoo afaanonni garaagaraa carraa barrreeffamaa hinargatin uunka ofii eeguun afaaniin dubbatatamaa tureera. Afaanonni kunniin yeroo afaan barreeffamaa ta’anitti afoolli yoo barreeffamu uunka isaa duraanii afoolli qabu eeguuniidha. Yaada kana ilaalchisee Malimo (2009) akka ibsetti, “Oral literature therefore refers to traditional forms such as oral narratives, songs, proverbs, riddles and tongue twisters which may be presented in written form or by word of mouth”.

Akka yaada kanaatti goorowwan afoolaa kanneen akka seeneffamaa, weedduu, mammaaksaa, hibboofi irraa deddebii arrabaafi kkf yeroo barreeffaman uunka isaanii duraanii qabataniin barreeffamuu akka qabaniidha. Kana jechuun afoolli yeroo afaaniin itti dhimma bahamaa turaniirraa jalqabee seera ittin sagaleeffamufi uunka ittin jedhamu kan qabu ta’uudha.

2.1.5. Walitti hidhannaa ummata oromoo fi afoolaa

Uummanni Oromoo fi afoolli walitti hidhannaa cimaa qabu. Sababiin isaa jiraachuu afoolaatiif uummata, ittiin jiraachuu uummataaf immoo afooli bu'uura ta'anii walutubuun jiraatu. Kanaaf manni barumsaa iddilee fi barnoonni ammayyaa osoo hinjalqabiin dura hawaasni sammuu daa'immanii afoolaan qara, hawaasa naannoo, safuu, seeraa, kkf waliin daa'imman kan walbarsiisu afoolaan fayyadamuuni. Hawaasni Oromoo bakka adda addaa jiraatu dhimma seenaa ofii, aadaa ofii, afaan ofii afoolatti fayyadamuun daa'ima isaa barsiifata. Fakkeenyaaf, akka tapha ijoolleetti kan fudhataman hibboon, jimmaa jimmiteen, hibantar , kkf faayidaan isaan qaban daa'imman leenjisuudha. Faayidaan afoolli hawaasa tokkoof qabu haalaan hedduu waan ta'eef gama tokko qofaan kan ilaalamu miti. Haalli rakkisaan humna namaatii oli ta'e yeroo nama mudatu, afoolli meeshaa ittiin miliqaniidha. Namni bu'aa ba'ii jireenyaa isa mudatu jalaa afoolaan miliqa, jireenya nuffisiisaa kolfaan irra anfachuuf, addunyaa haarawa keessa seenee gammachuun jiraachuuf faayidaan afoolli qabu haalaan guddaadha. Yaada falfakkaatu Asaffaan (1991:137) yemmuu ibsu, "Wal'aansoon sun araaraan (harmony) xumurama. Araarri sun bu'uun bilchina sammusaaf ,si'aayina qaamasaaf,boqonnaa qalbiisaaf bu'uura. Afoolli uumama waliin walhammachuun kun immoo miira miidhagaa (aesthetic perception) hawaasichaa calaqqisiisa. Midhaaginnichis (beauty) fedhiisaa, gochasaa, hawwiisaa, waliin jireenyasaa...kkf keessatti mul'ata". Akka yaada kanaatti afoolli sammuu namaa keessatti gaaffii uumuun akka xinxaalan kan taasisuudha. Xinxaala kana keessa bilchina sammuu kan fiduufi ofitti kan nama hawwatu ta'uudha.

Sumner (1995) "Proverbs are store house of wisdom for Oromo's" jedha. Kana jechuun mammaaksi mana kuusaa duudhaa Oromooti jechuudha.

Dabalataan, Kitaabni Wiirtuu Jiildii 4^{ffaa} (1991:89) maalummaa mammaakkaa yoo ibsu, Mammaaksi gammachuufi gadda, shakkiifi amanti, jaalalaafi jibba, jabinaafi dadhabinaa, fik.k.f.kan ibsu, addagee kan arrabsu, balleessatti kan oori'u, tolaa kan hojjete kan galateeffatu, gaarii kan jaju, dimshaashatti, hamaafis ta'ee tolaaf akka haalasaatti yaadaafi gorsa kan kennu kutaa afaaniiti jechuun kaa'a.

Dimshaashumatti ibsa hayyoonni kennan kanarraa wanti hubannu, Mammaaksi kan hawaasni ilaalchaa isaa, gammachuu, gadda, fedhii, hawwii, jibbaafi dadhabina wali ibsuuf akkasumas kan ittiin gorsa wali kennaniidha.

Dimshaashumatti, mammaaksi meeshaa dubbii ergaa gadi fagoo qabu karaa fuullee hin taaneen miidhaksanii dhiyeessuun, ilaalchas ta'ee dhugaa qabatamaa gurra namaatti akka tolutti bocanii dhiyeessuun bifa gabaabaa ta'een yeroo gabaabaa keessatti ergaa bal'aa ittiin dabarfataniidha.

Fennegan (1970:398) faayidaa mammaaksi gorsa keessatti qabu yoo ibsiti, "Indeed, any kind of satirical or penetrating comment on behavior may be made in the form a proverb and used to warn or advise or bring some one to his sense" jechuun keesse. Kanarraa kan hubannu, namoonni mammaaksatti fayyadamuun amala namaa irratti yaada kennuu, gorsa kennuufi akeekkachiisuuf kan dhimma itti bahan ta'uudha.

2.1.6. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuuf, yaaxxina qorannoo sana deggeru bu'uureffachuun murteessaadha. Yaaxxinaalee jiran keessaa qorannoon kun yaaxxina tajaajilaa(functiona theory) bu'uureffate. Sababnisaas yaaxxinni kun afoola hawaasa tokkoo qorachuudhaan, aadaa, haala jireenya isaaniifi sadarkaa qaroominasaanii beekuuf gargaara. Yaada kana cimsuuf Ben-Amos, (1975:46)

"The functional approach to the categorization of oral literature actually as focused up on the relation ships between form of verbal art and existing cultural and social need,"

Akka yaada kanaatti yaaxxinni tajaajilaa walitti dhufeenya hawaasaafi fedhii hawaasaa gidduu jiru kan qoratudha. Yaaxxinni kun afoolli faayidaa maalii hawaasaaf kenna? Akkasumas ammoo gama gosoota afoolaafi waanta aadaan hojiirra ooluu waan danda'uuf galma ga'insa qorannoo afoolaa tokkoof isa filatamaadha. Qorattuunis raawwii afoola fayyadamuun afaan Oromoo barsiisuu xinxaluu keessatti kun waan tumsuuf itti fayyadamteetti.

2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Iddoo kanatti mata dureewwan kanaan dura qorattoota adda addaan qorannoon irratti adeemsifame kan mata duree qorannoo koo kanaan wal fakkaatan dhiyaataniiru. Haaluma kanaa, qorataan waraqaa qorannoowwanii kana kan isaa waliin walfakkaatanii hojjetamaniiru jedhee yaade sakatta'uudhaan haala itti aanee jiruun ibsee jira.

Abduramaan[2016] Mataduree "Afoolaan ugummaa afaanii arfan barsiisuu keessatti ogummaa gurguddoo gabbiisuuf kitaaba barataa barnoota afaan oromoo kutaa kurnaffaa qaaccessuu" jedhu irraatti qorannoo gaggeesseera walfakkeenyi qorannoo kanaa dhimma afoolaan afaan barsiisuu ta'uu isaa amma tokko walfakkaata.Haata'u malee qorannoo qorattuun waantonni adda isaan godhuu keessaa tokko kutaa kurneffaa irraatti ta'uu fi ogummaa afaanii arfan qofarratti xiyyeeffachuu isaati.

Kan biraan Abbabaa Gabbisaa (2018) Mataduree ‘’ xiinxala haala dhiyaannaa afoolaa kitaaba afaan oromoo kutaa (kutaa kudha-tokkoo fi kudha-lamaa’’kan jedhu irratti qorannoo digrii kutaalamaffaa gaggeesseera. Kaayyoon waraqaa qorannoo kanaas haala dhiyaannaa afoolaa xinxaaluurratti. Walfakkeenyi qorannoo kanaa wajjin qabu lamaanuu afoolli haala kamiin yoo kitaaba barnoota afaanii keessatti dhiyaate ogummaawwan afaanii, caasluga, hiika jechootaa, qabiyyee afoolaa ittiin barsiisuuf mijata kan jedhuurrattidha. Haa ta’u malee garaagarummaan isaaniis,hariiroo kitaabileen barnoota afaanii kunniin sirna barnootaa, silabasiifi qajeelcha barsiisaa waliin qaban ilaaluun fi Kutaa kudha tokkeffaa fi kudhalammeffaa ta’uun qorannoo kanarraa adda godha.Waraqaan qorataa duraa xiinxala dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa kudha-tokkoo fi kudha-lamaa irratti kan bu’uureffate yoo ta’u qorannoon kun immoo xinxala afoola fayyadamanii afaan oromoo kutaa salgeffaa barsiisuu kan jedhu irratti kan xiyyeeffate dha.

Qorattuun biraa Haannaa Malkaamuu[2018] Mataduree ‘’Xiinxala haala dhiyaannaa afoola Oromoo kutaa sagalii fi kutaa kudhanii’’ jedhu irratti qorannoo digrii lammafaa gaggeessiteetti.Walfakkeenyi qorannoo kana dhimma afoola kitaaba barattootaa keessatti haala dhiyaannaa afoolaa ,ogummaawwan afaanii, caas luuga, hiika jechootaa hangam kitaabichi barsiisa kan jedhu irrati walfakkaata.Garaagarummaan qorannoo kanaa qorattuun kitaaba daree garaa garaa irratti ta,uu fi kan kutaa kudhaniis of keessatti kan hamate yoo ta,u qorattuun qorannoo kana gaggeessite immoo, xiinxala afoola fayyadamuun afaan Oromoo kutaa salgaffaa barsiisuu kan jedhu qofarratti kan xiyyeeate dha

BOQONNA SADI: SAXAXAA FI MALLEEN QORANNICHA

3.1.Saxaxaa Qorannichaa

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsamuuf yaalametti, xiyyeeffannaan qorannoo kanaa inni guddaan afoola fayyadamuun Afaan oromoo kutaa 9ffaa Barsiisuu irratti kan xiyyeeffatuu dha.

Kanaafuu, qorannoo tokko gaggeessuu keessatti immoo kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsamuu qaba. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti qabamuu maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuudhaan beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaarera. Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009: 203) akkas jechuun ibsa:

“The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going.”

Akka yaada kanaatti adeemsi saxaxa qorannoo karoora hojii qorattuun beekuu qabdu, eessaa akka kaate, eessarra akka jirtuufi eessa akka geessu kan murteessudha. Kanummarraa ka'uun gosti qorannoo kanaa gosa qorannoo Madaalliiti.Saxaxni qorannoo kanaa Sakatta'a. Qorannoon kun “ Xiinxala afoola fayyadamuun Afaan oromoo kutaa 9ffaa Barsiisuu irratti waan ta'eef, qorattuun qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaatti (qualitative research method) fayyadamte. Sababnisaas, qorannoon kun kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti haala dhiyaannaa afoolaa sakatta'uun jechaan ibsuu irratti waan fuulleffateefiidha.Dastaan (2013) Marietjiefi Marieta (2001) wabeeffachuun akka itti aanutti ibse, “Qorannoo qulqulleeffataa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannannu daawwannaa, af-gaaffii, dookumantii sakatta'uufi meeshaalee dhag-arguu (audio-visual materials) fayyadamuudha. Akka warra kanaatti meeshaaleen (tools) kunniin arfan odeeffannoo qorannoo qulqulleeffataa gaggeessuuf murteessoodha (p.33).”

Akkuma yaada hayyuu armaan olii kana irraa hubachuun danda'ametti, qorannoo kanaafis mala qorannoo akkamtaa (qulqulleeffataa) ta'ee, karaan odeeffannoon ittin funaaname sakatta'a barruu fi af-gaaffii dha.

Walumaagalatti ragaan saktta'a barruu kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa sagalii fi af gaaffii barsiisota afaan Oromoo barsiisanii fi barattaata kutaa salgaaffaa baratan irraa walitti funaaname bifa akkamtaatiin xiinxalameera.

3.2.Madda odeeffannoo

Qorannoo geggeessuu keessatti maddi odeeffannoo karaa lama argama.Isaanis, madda odeeffannoo jalqabaafi madda odeeffannoo lammaffaati. Qorannoon kun madda odeeffannoo

tokkoffaa sakatta'a barruu kitaaba barnootaAfaan Oromoo kutaa salgeffaayoo ta'u af-gaaffii barsiisaa afaan Oromoo kutaa salgeffaa fi Barattoota kutaa salgeffaa waliin gaggeessuun ragaa akka raga lammaffaatti qindaa'uudhaan.Kana ilaalchisee Addunyaan (2011: 18) madda ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan gaggeessuudha

3.3.Malleen funaansa Ragaalee

Qorattuun kun yeroo qo'annoo kana geeggeesuuf odeeffannoo kana walitti qabatu maloota lamaan dhimma baate.Isaanis Sakatta'aa barruu fi af-gaaffii dha.Yaada kana akka Solomon (2004) ibsetti

Qorannoon akkanaa ,afgaaffii, ragaalee barreeffama adda addaa sakatta'uu ragaa funaanuun qorannoo geggeessuun nidanda'ama. Qorattuun qorannoo qulqulleeffataa fayyadamtus haala adda addaatiin waan ilaaltuuf malawwan ragaaleen ittiin funaanaman muraasatti dhimma ba'uu dandeessi.

3.3.1.Sakkatta' a Dookimentii

Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannotti nama fayyadan hedduutuu jira.Isaan keessa qorattuun kan itti dhimma baate Kitaaba afaan Oromoo kutaa 9ffaa afoola fayyadamanii afaan barsiisuu irratti xiyyeeffachuu isaa sakatta'uun hanqinootaa fi mala furmaataa qorannoon kan keessati ibsame.

3.3.2.Af-gaaffii

Afgaaffiin meeshaalee odeeffannoon qorannoodhaaf ittiin sassaabamu keessaa isa tokkodha. Malli kunis mala qorattuun odeeffannoo kennitoota waliin fuulaafi fuulatti walarguun odeeffannoo qorannoo isheetiif barbaaddu afaaniin gaafachuun funaannattudha Goldstein (1964:104) afgaaffii ilaalchisee akkasitti ibsa,

“Interviewed data may include information on what the informant knows, believes, expects, feels, wants, does or has done, or which explains or gives reasons for any preceding.”

Akka yaada haayyuu kanaatti odeeffannoon afgaaffii irraa argamu odeeffannoo kennaan waan beeku, waan itti amanu, waan nita“a jedhee yaadu, waan itti dhaga“amu, waan fedhu, waan amma hojjetu ykn hojjetee darbeefi waan sababa isaa waliin ibsuu danda“u kan nama birootiif ittiin dabarsudha

Malli ragaa funaansaa inni kunimmoo barsiisotaafi barattootaaf kan qophaa'e dha. kunis karaa lama ilaalameeti. Tokkeffaan baay'ina barsiisota mana barumsa kanatti Afaan Oromoo barsiisaa jiran muraasa waan ta'aniif yeroo hedduu hin fudhatu. Inni lammeffa immoo gaaffile kallattii fi qaxxaamuraa dhiyeessuun raga yookiin odeeffannoo quubsaa ta'e waan argamsisuuf.

3.4. Mala Iddatteessuu

Iddattoon irraawwatamtoota qorannoo irratti adeemsifamu keessaa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu akka kennaniif kanneen filatamaniidha. Dastaan (2013:132) iddattoo yoo ibsu, "Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannoodhaaf filannee jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu'an kan ittiin taasisnu" jedha. Kanaaf, iddattoon jalqabaa sakatta'a barruu kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa salgeffaati. Iddattoon kun haala afoolli kitaabicha keessatti fayyadamee, afaan barsiisuuf, walitti dhufeenya uummata Oromoo fi afoolaa yookiin afoolli kitaabicha keessatti argamu jireenya uummatichaa biratti hangam akka bakka qabu ibsuu fi dandeettiwwan afaanii haala kamiin fayyadamee akka barsiise sirriitti ibsa jedhamee waan yaadameef qorattuun qorannoo kanaa odeeffannoo barbaachisu argachuuf mala iddattessuu itti yaaddee (purposive sampling) fayyadamte.. Sababni mala kanneen fayyadamteef barsiisonni jiran baay'ina hin qaban waan ta'eef, itti yaadde barsiisota jiran lamaanuu fudhadhe

Dabalataanis maluma kanaan daree toorba jiru keessaa barattoota ciccimoo lama lama daree tokko irraa fudhachuun waliigala barattoota dhiiraa sagalii fi barattoota dubaraa shan baay'inni isaanii kudha afur ta'e odeeffannoo kennitoota ta' anii ni filatamaniiru

Qorannoon kun kan gaggeefame akkaataa afoolli kitaaba barnootaa afaanii keessatti itti dhiyaatu xiinxaluu ta'uu jalqabarratti ibsameera. Kanuma irraa ka'uudhaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} bara 2005 /2012 maxxanfamee hanga yoonatti hojjiirra jiru qoratuun filatteef ammoo, yeroo dheeraaf barsiisaa waan turteef dha. .

3.5. Qindoomina Qorannoo

Qorannoon kun xinxala Afoola fayyadamuun Afaan oromoo kutaa 9^{ffaa} Barsiisuu qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qorannichis boqonnaalee garaagaraatti qoqqoodamee dhihaatee jira. Haaluma kanaan, boqonnaan tokkoffaan seensa, Ariirrata Qorannichaa ka'umsa, kaayyoo, Faayidaa, daangaa fi hanqina qorannoo of jalatti hammata. Boqonnaa lammaffaan ammoo, Maalummaa afoolaa, amaloota afoolaa, gosoota afoolaa, gahee afoolli afaan barsiisuu keessatti qabu, walitti hidhannaa ummata oromoo fi afoolaa, yaaxina qorannichaa fi sakkatta'aa qorannoo walfakkii of keessatti ammata. Boqonnaa sadaffaan, Saxaxaa, Malleen Qorannichaafi

qindoomina qorannoo kan qabatu yoo ta’u, boqonnaa arfaffaan ammoo, ragaalee jiran dhiheessuu, qaaccessuu fi ibsuu qabata. Boqonnaan shanaffaafi inni xumuraas cuunfaa, argannoo fi yaboo of keessatti hammata.

3.6.Tooftaawwan Xiinxala Ragaalee

Tooftaa qaaccessa ragaalee qorannoo kanaa keessatti qorattuun kan fayyadamte mala akkamtaa yoo ta’u, ragaalee sakatta’a dookimentiitiin fi afgaaffii fi argaman kana ibsa irratti kennuun kan xinjalameedha. Kunis jalqaba gaaffii ka’umsa sakkatta’a dookimentii bu’uura godhachuun kutaarratti hundaa’uun boqonnaa boqonnaan haalli dhiyaannaa jiran adda bahanii jiru. Odeeffannoon argames mala akkamtaatti gargaaramuun kan qaacefamaniidha.

BOQONNAA AFUR: XINXALAA FI IBSA RAGAALEE

4.1. Ibsa gabaabaa wa'ee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa fo ode-kennitootaa

4.1.1. Ibsa gabaabaa wa'ee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa kan maxxanfame Bara 2005 yemmuu ta'u qopheessitoonni kitaaba kanaa Salamoon Gadaa, Tashoomaa Taaffasaa fi Tasfaay'ee Jimaa ti.

Gulaaltonni kitaaba kanaa Addunyaa Barkeessaa, Alaamirroo Kaasa'uun, Taarraqenyi Mokonnon fi Tashoomaa egeree ti. Akkasumas kitaaba kana kan madaalan yookaan madaaltonni Guutaa Fayisaa, Hassan Waaqayyoo, Nagaasa Hundee fi Nuuriyaa Ibraahim dha.

Kitaabni kun Boqonnaalee kudha saddeet kan of keessatti qabate yemmuu ta'u boqonnaaleen qabiyyee afoolaa yookiin barannoon afoolaa kan keessatti argamu boqonnaa sadeet qofa dha. Kanumaan wal qabatee boqonnaalee kudha sadeet keessatti gilgaalonni argaman dhibbaa fi digdamii lama yoo ta'aan gilgaalonni barannoo afoolaan deggeramanii barsiifaman gilgaala kudhashan qofadha. Kana jechuun gilgaalonni dhibbaa fi toorba qabiyyee biraa kan barsiisudha.

Yaaduma kana gabatee armaan gadii keessatti karaa ifaa fi gabaaba ta'een ilaaluun ni danda'ama

Gabatee 1. Ibsa Boqonnaa fi gilgaalaa

T/L	Boqonnaa	Baay'ina Gilgaalota qabiyyee afoolaa	Baay'ina Gilgaalota qabiyyee biroo	Baay'ina Gilgaalota qabiyyee waliigalaa
1	Boqonnaa tokko	2	5	7
2	Boqonnaa lamma	-	9	9
3	Boqonnaa sadii	-	5	5
4	Boqonnaa afur	-	6	6
5	Boqonnaa shan	-	6	6
6	Boqonnaa jahaa	-	5	5
7	Boqonnaa toorba	1	6	7
8	Boqonnaa sadeet	1	5	6

9	Boqonnaa sagal	2	11	13
10	Boqonnaa kudhan	-	8	8
11	Boqonnaa kudha tokko	-	6	6
12	Boqonnaa kudha lama	-	7	7
13	Boqonnaa kudha sadii	-	5	5
14	Boqonnaa kudha afur	2	6	8
15	Boqonnaa kudha shan	1	5	6
16	Boqonnaa kudha jaha	3	3	6
17	Boqonnaa kudha toorba	3	4	7
18	Boqonnaa kudha sadeeti	-	5	5
	Ida'ama	15	107	122

Haala sakkatta'a dookimentii godhameen gosoonni afoolaa kitaaba kana keessatti dhiyaatan muraasa. Kana jechuun gosoonni afoola biroo hammatamuu danda'an osoo hinhammatamin hafanis akka jiran qaaceffama kana irraa hubachuun danda'ameera. Haata'u malee afoolatti fayyadamanii afaan barsiisuun barattoonni dandeettii afaanii hunda irratti akka cimina goonfataniif gargaaruu irratti xiyyeeffatamee kan qopha'e miti. Kana malees hirmaannan barattoonni qaban akka dabaluu fi dandeettii waliigaltee uumuu cimsuu bu'uureffatee kan dhiyaate akka hin taane haala ibsa waliigala kitaabichaa kana irraa hubachuun danda'ameera

4.1.2. Ibsa gabaabaa wa'ee namoota od-kennitoota af-gaaffiif filatamanii

Odeef-kennitoonni kun barsiisota afaan oromoo kutaa salgeffaa barsiisan barsiisota dhiiraa lamaa fi barattoota kutaa salgeffaa baratan barattoota dhiiraa sagalii fi barattoota dubaraa shanii dha. Walumaagalatti iddettoowwan af-gaaffiif filataman kun barsiisota afaan oromoo kutaa salgeffaa barsiisanii fi barattoota kutaa salgeffaa baratani dha.

4.1.2.1. Ibsa gabaabaa wa'ee barsiisota af-gaaffiif filatamanii

Barsiisonni af-gaaffiif filataman barsiisota godina Showaa Bahaa Aanaa Booraa Mana Barumsa Booraa Sadarkaa 2ffaatti Barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa barsiisan barsiisota dhiiraa lama dha. isaanis barsiisaa Araggaa Bulchaa fi barsiisaa Addunyaa Lataa yemmuu ta'aan barsiisaa Araggaa Bulchaa nama tajaajila waggaa sagalii qabuu fi sadarkaa barnootaan immoo digirii lammeffaa(MA) yunveristii Arsii irraa kan bahe dha. Barsiisaa Addunyaa Lataa kan tajaajila waggaa kudha lamaa qabuuf sadarkaa barnootaan immoo digirii jalqabaa(BA) Yunveristii Madda Walabuu irraa kan bahe ta'ee yeroo ammaa kana yunversiitii Finfinneetti Digirii lammeffaa(MA) kan barachaa jiru dha.

4.1.2.2. Ibsa gabaabaa wa'ee barattootaa af-gaaffiif filatamanii

Barattoonni af-gaaffiif filataman barattoota godina showaa Bahaa Aanaa Booraa mana barumsa Booraa sadarkaa lammeffaatti kan kutaa salgeffaa baratanidha. Baayyinni daree kutaa lalgeffaa toorba yoo ta'u tokkoo tokkoo daree irraati barattoota lama lama fudhachuuni. Fakkeenyaaf daree .A. irraa barattuu Singitan Tasfaayee fi barattuu Shaashii Margaa, .B. irraa barata Kiisuu Sooressaa fi barataa Kamaal Waaddooti, .C. irraa barataa Roobaa Badhoo fi barataa Gannaa Hasan, .D. irraa barataa Qaasim Haajii fi barataa Miidhaksoo Qumbii, .E. irraa barattuu Geexee Garbichoo fi barattuu Seenaa Jaallataa, .F. irraa barattuu Ayyuu Dagaagaa fi barataa Barruu Gafarsaa, .G. irraa barataa Dago Waliisoo fi barataa Gurraachoo Diimaati. Walumaa galatti barattoonni kun dhiira sagalii fi shamarran shan baayi'nni isaanii kudha afur ta'u kun barattoota keessaa dhufan sana bakka bu'uu danda'u jedhamee yaadameeti.

4.2 Xiinxala Gahee Afoolli Afaan Barsiisuu Keessatti Qabu.

4.2.1. Xiinxala Afoolaan Afaan Barsiisuu kitaabichaa

Gabatee 2 .Xiinxala Afoolaan Afaan Barsiisuu kitaabichaa Gosa afoolaan

lakk	Gosa afoolaa	Boqonnaa fi afoolli kun jalatti argamu		fuula
		Boqonnaa	Mata duree	
1	Mammaaksa	1	Afaaniifi faayidaa isaa	7-11
		14	Bilillee(Mahibuubaa)	136
		17	Garaan walitti na'e	170-171
2	Geerarsa	7	Generaal Taaddasaa Birruu	74
3	Tapha ijoollee	8	Sirna Nyaataa	82
4	Durdurii	9	Miidhaa Ilbisoonna Qaama Beeyilladaa Irratti Fidan	92-94
		14	Bilillee(Mahibuubaa)	137
5	Hiibboo	14	Bilillee(Mahibuubaa)	137
6	Faaruu	15	Looga Afaan Oromoo	150-151
		16	Yeroo yeroon Qabi	156-157
		16	Yeroo yeroon Qabi	158
7	Sadoonii	16	Yeroo yeroon Qabi	159-160
		17	Garaa walitti na'e	168
		17	Garaa walitti na'e	168-169

4.2.1.1.Mammaaksaan akkamitti akka afaan barsiifame.

Mammaaksonni barnoota afaan oromoo kutaa salgeffaa keessatti argaman goorowwan mammaaksa adda addaa kan of keessatti ammatanii fi bifoote muraasaan barsiifaman

dha. Akkaata ittiin barsiifaman keessaa inni tokko hiika mammaaksa filannoowwan tarreeffaman keessaa akka filatan taasisuu dha. Fakkeenyaaf Boqonnaa tokko gilgaala sadeet “A” fuula toorbaa hanga sadeetii mammaaksota jiran barattoonni filannoowwan tarreeffaman arfan keessaa kan hiika mammaaksa kenname fakkaatu akka filatan taasisuudha. Mammaaksota kanneen keessaas

- Manaa baala, alaa gaala.
- Mariyatan malee, maraatanii mana hinbulchan
- Eeboo darbatanii jinfuu hinqabatani.

Kanneen akka fakkeenyaatti ilaaluu dandeenya. Kanaaf barattoonni yemmuu gilgaala kana hojjetan waantota baay’ee jiran keessaa kan hiikni tokko ta’e walitti fiduuf ergaa fi hiikaa yaadotaa cimsatu. Akkasumas goorowwan keessaa mammaaksi inni jalqabaa tuffii ibsuuf, inni lammeffaa waliigaluun gaarii ta’u fi inni sadeffaan gaabbii ta’u kanumaan walqabsiisee barsiisa. Dabalataan fuula sagal gilgaala sadeet “B” jalatti ergaa mammaaksota yaada mataa isaaniitiin akka ibsanii fi kan hiriyyoota isaaniitiin wal bira qabanii akka madaalan jajjabeessa.

Akka yaada kana irraa hubannutti barattoonni bilchina sammuu, barreessuu, dubbachuu fi dandeettii waa xinxaluun akka horatan yaada olii kana irraa barachuun danda’aameera.

Kana maleessi Boqonnaa kudha afur fuula dhibbaa fi soddonii jaha galgaala shan “A” jalatti mammaaksota rarra’anii afan guutuu taasisuun garee akka irratti mar’atan taasisuudha. Kun immoo kan barsiisu waliin dubbachuu yaada waliif qooduun dandeettii dubbachuu isaanii akka cimsatan taasisa. Haata’u malee mammaaksi bakka kanatti kennaman baay’ee muraasa waan ta’aaniif barattoonni yeroo dheeraa fudhatanii akka waliin shaakalaniif qabiyyee baldhaa ta’e dhiyate miti.

Mamaaksi kitaaba barataa kutaa salgeffaa boqonnaa tokko fuula toorba irraa kaasee hanga fuula kudhaniitti kan argamu ta’ee kan irratti xiyyeeffatee barsiisu, hiika jechootaa, caasluuga, dubbisuu, dubbachuu fi barreessuu kan of keessatti ammate ta’ee goorowwan afoolaa aantummaa, tuffii, jibba, waliigaluu, of danda’uu, gaabbii, abdii, dhugaa, gantummaa, rakkina, jaalala, fi yarina fi kkf taniin afaanota armaan olitti ibsaman kana mamaaksota armaan gadii kanaan barsiisee jira

Mamaaksonni kunninis:

- Fagaatuuyyuu mana ofii, hammaatuuyyuu fira ofii wayya
- Manaa baala, alaa gaala.
- Yoo manni namatti jige, biyyatu namarraa kaasa; yoo biyyi namatti

- Mariyatan malee, maraatanii mana hinbulchan
- Mana ofii haxaawwatanii, mana ormaa haxaa’u.
- . Badiin biyya wajjinii godaansa.
- Eeboo darbatanii jinfuu hinqabatani.
- Adaamii ollaa hagamsaa, imimmaan irraa hinqooru.

Mamaaksi kitaaba barataa kutaa sagalii Boqonnaa kudhaafur fi kudha toorba fuula dhibbaaf sodomii jaha fi dhibbaa toorbaatamaa hanga toorbaatamii tokko irratti kan argamu ta’ee kan irratti xiyyeeffatee barsiisu barattoonni akka waan tokko xinxaluu yookaan waa yaaduu danda’an kan gonfachiisudha.fkn

- Akka ebaluuttan sirbaan morma nama jallisa
- Baddu baddi malee saree ija hindhiqan
- Afaan bal’ateef garaan hin ballatu
- Akka hiree malee akka hirriyyaa hin bulan
- Eeboo darbatanii jinfuu hin qabatan

Dabalataanis waan tokko wal bira qabani akka madaalan, akka waaxinxalan waan yeroo darbee akka yaadatan,dubbachuu isaanii akka cimsatan akkasums enna garafuula duraa akka tilmaaman fi duudha hawaasa oromoo keessatti mammaaksi afoola(ogafaan)Kamiyyu caalaa jireenya uummatichaan kan wal qabate ta’uu kan barsiisuu fi yaada yookiin dubbii dheeraa hima gabaabaan mala kurfeeffamee dhiyaate dha.

Boqqonnaa kudha toorba fuula dhibbaa fi toorbaatamaa hanga dhibbaa fi toorbaatamii tokkoo gilgaala jaha “A,B fi C” n irra deddeebiitiin ergaa mammaaksotaa filannowwan jiran keessaa akka filatan qajeelcha.Gilgaala jaha “D” jalatti immoo ergaa mammaaksotaa barreeffaman akka ibsan cimsa.

Akka yaada kana irraa hubannutti gilgaala 6,AB fi C jalatti irra deddeebiitiin akkaataa barsiisuu walfakkaataatuu muldhata.gilgaala 6 “D” irratti immoo ergaa isaa barreeffamaan ibsi waan jedhuuf barattoonni hanga tokko dandeetti barreessuu isaanii fooyyessuu ni gargaara.

Mammaaksonni kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa salgeffaa kana keessatti argaman goorowwan mammaaksaa hedduu of keessaa haa qabaatan malee akkaataa isaan itti barsiifamuuf dhiyaatan afaan ittiin barsiisuuf mijataa miti.Sababni isaas mammaaksota sanaan kan wal fakkaatan iyyaafachuun akka barreessan tasisuu osoo qabu shaakalaa fi waliin marii baldhaa gochuu akka qaban taasisuu osoo qabuu jechaa fi gochaan daree keessatti akka meeshaa

deggeersaatti akka ittiin baratan gochuu dhabuun ergaa fi filannoo qofa irratti kan xiyyeeffate dha.

Mammaaksi kitaaba barataa kutaa salgeffaa kan keessatti dhiyaate jalqaba gara gilgalaatti seenuun dura maalummaa maamaaksaa barattoonni gad fageenyaan akka barataniif godhamee hin qophoofne. Dabalataanis barattoonni qabiyyee kana irraa waan barachuu qaban bifa barbaadameen akka isaan hin hubanne waantoota taasisan keessaa inni tokko haala walduraa duubummaan dhiyaachuu dhabuu qabiyyeeti. Dabalataanis yoomii fi eessatti akka mammaakamu sirritti adda baafamee qabiyyee kitaaba afaan oromoo kutaa 9ffaa kana keessatti hin barreeffamne.

4.2.1.2. Geerarsaan akkamitti akka afaan barsiifame.

Geerarsi Boqqonnaa toorba fuula toorbaatamii afur irratti kan argamu ta'ee xiyyeeffannoo kan barsiisu waa'ee gootummaa faarsuuti. Innis gilgala toorba keessatti barattoonni geerarsa xiqqoo kitaabicha irra jiru ilaalani kan biraa iyyaafachuun barreessanii daree keessatti akka waliif dhiyeessan qajeelcha.

Akka yaada kana irraa hubannutti barattoonni dhaggeeffachuu, ,barreessuu, caasluuga hiika jechootaa fi dubbisuu irratti bu'uureffatee akka shaakalan kan taasisu dha. Geerarsi kitaaba barataa keessatti argamu kunis: Geerarsa namni diina ajjeese geeraru dha.

Innis: Leenci sardiida miitiree rukunnaan dutti mitii

Gafarsi loon miitiree dhoofnaan gadooddi mitii

Arbi daa'ima miitiree rukunnaan boosi mitii

Boorri koo booradhaaree kan murraan muratu

Kan tumnaan tumamtu

Haata'u malee haalli qophii qabiyyee geerasa afaan barsiisuuf qopha'ee gadi fageenyaan barattoonni akka shaakalan godhee kan dhiyaate miti. Dabalataanis kitaaba kana keessatti kan qopha'e goota faaruuf qofa yoo ta'u geerarsoota garaagaraa gadda fi gammachuu isaanii kan ittiin ibsatan baldhinaan beekumsa afaanii bu'uureffatee barsiisuuf kan dhiyaanne. miti.

4.2.1.3. Tapha ijoolleen akkamitti akka afaan barsiifame.

Sadarkaa kanatti barattoonni kan irraa baratan afoolawwan uummata Oromoo biratti bal'inaan beekkaman keessaa inni tokko tapha ijoolleeti. Ijoolleen hiri'oota ta'an yemmuu walitti dhufan taphoota addaddaa taphachuun yeroo isaanii dabarsu Taphni ijoollee boqonnaa sadeet fuula sadeettamii lama irratti kan argamu ta'ee gilgala jaha keessatti barattoonni naanna'aa isaanii

irraa odeeffannoo fudhachuun barreessanii fidanii daree keessatti gochaa fi jechaan akka waliif dhiyeessan cimsa. Kanaaf jireenya hawaasummaa nibarsiisa, guddina qaamaafi sammuu isaaniis nicimsa akkasumas taphichi seera mataa isaa waan qabuuf seera ni barsiisa. Ijoolleen dubbii afaaniin walgaafachaa waljalaa qabaa taphatu. Akkasumas gilgaalli kenname dandeetti dhaggeeffachuu, barreesuu, fi dubachuu ni barsiisa. Adeemsa kana keessatti dandeettiinwan afaanii sagaleerraa kaasee haga caasaa afaanii guddaa gabbifachaa deemu.

Haata'u malee haalli dhiyaannaa tapha ijoollee kun fakkeenyoata garaagaraa tapha ijoollee kitaabicha keessatti fudhatamee gilgaalonni baldhinaan kennameef hiika jechootaa akka baratan akkasumas afaan barsiisuu keessaatti qooda guddaa akka qabaatu godhamee kan qophaa'e miti.

4.2.1.4. Durduriin akkamitti akka afaan barsiifame

Durduriinwan barnoota afaan oromoo kutaa salgeffaa keessatti argaman gosoota durdurii jiran keessaa durdurii bineessotaa fi durdurii ibsaati. Durduriinwan kunis akkaataa adda addaatiin barsiifaman. Fakkeenyaaf boqonnaa sagal mata duree harree fi saree jedhu fuula sagaltamii lama gilgaala kudhalama "A" keessatti fakkii saree, harree fi waraabbessaa kitaabicha irra jiru ilaalanii fakkiiif hiika kennuu akka danda'aniif akkasumammoo waan hubatan waliif ibsuun akka irratti mar'ataniif gilgaala mariif karaa saaqudha. Dabalataan fuula sagaltamii sadii gilgaala kudhalama "B" keessatti durdurii saree fi harree jedhu kana dubbisaniis yaada isaa hirriyyoota isaaniitti akka himan isaan qajeelcha. Akkasumaas boqonnaa kudha afur fuula dhibbaa fi sodomii toorba gilgaala shan "C" keessatti durdurii mata dureen isaa "Dacheen irraa bu'uus..." jedhee rarra'ee hafe barattoonni guutuu akka taasisan qajeelcha.

Akka yaada kana irraa hubannutti barattoonni waliin marii keessatti dandeettii waa hubachuu dubbachuu yaada isaanii ibsachuuf dubbisuu akka cimsatan kan gargaaru dha. Kana maleesi durdurii rarra'ee hafe yeroo xummuranitti dandeettii dubbisuu, barreesuu caasluugaa fi hiika jechootaa ni horatu.

Haata'u malee qabiyyeen durdurii kun barattoonni sirritti waa'ee durdurii hubannoo akka qabaataniif maalummaa durdurii waan ibse hin qabu. Akkasumas gosoota durdurii akka baraniif yaada ball'aan kennamee akka shaakalan godhame hin jiru. Kana malees akkaataan barachuu gilgaalotaa gadi fageenyaan akka barataniif mijata miti.

4.2.1.5. Hiibboon akkamitti akka afaan barsiifame.

Hiibboon kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa salgeffaa boqonnaa kudha afur fuula dhibbaa fi sodomii toorbaa gilgaala shan keessa jiru barattoonni hiibboo rarra'ee hafe xummuranii gareen

akka irratti mar'atan barattoota jajjabeessa. Kan irratti xiyyeeffatee barsiises dubbisuu,barreessuu dhaggeeffachuu fi dubbachuu dha.

Haata'u malee fakkeenyi hiibboo kitaaba barataa kutaa sagalii irratti qoph'e kun muraasa waan ta'eef barattoonni ballinaan akka shaakalaniif carraa kan uume miti. akka shaakalaniif hiibboo kitaaba barataa irratti dhiyaate:-

- Wajjumaan nyaannaa maaf huqqatta.
- Hoxxee gamaa balballi lama.
- Ciisu akka reeffaa, ka'u akka leencaa
- Takka dhayee si albaase.
- Sabbata aayyoo maree maree dadhabe.

Hiibboon ijoolleen carraa sagalee, dhamjecha, caasluga, hiikaafi kanneen kana fakkaatan akka barataniif carraa bal'aa uummaaf. Akkasumas, dandeettii waaqaaccessanii ilaaluu barattoota sadarkaa barnootaa adda addaarra jiraniif kan uumuu ta'uusaa agarsiisa Haata'u malee Kitaaba Afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti hiibboon qopha'e akka caasluga fi hiikaa jechootaa barataniif kan baldhinaan dhiyaate miti.akkasumas hiibbowwan godinaale Oromiyaa keessaa cuunfamarii kitaaba kana keessatti waan hin dhiyaanneef barattoonni dandeetti dubbachuu fi dhaggeeffachuu gad fageenyaan akka barataniif kan carraa uume miti.

Mitikkuu, (1991:177) yaada kana yammuu deeggaru, "Dandeettii afaanii dagaagsuuf, ijoolleen sagaleewwan afaan isaanii keessa jiran nibaratu, caasaa himoota afaanichaafi seera haasawaa nibaratu" jedha.Yaada kanarraa wanti hubannu, ijoolleen sagaleerraa kaasee hanga caasaa himaatti, qabata hiibbootiin baruu akka danda'aniidha.Akkasumas, dandeettiwwan afaanii arfan keessattuu, dubbachuu fi dhaggeeffachuu barachuuf carraa guddaa uumaaf.

4.2.1.6.Faaruu akkamitti akka afaan barsiifame.

Faaruu barnoota afaan oromoo kutaa salgeffaa keessatti argaman keessaa tokko faaruu daa'immaniiti.Innis boqonnaa kudhashan fuula dhibbaafi shantamaa hanga fuula dhibbaa fi shantamii lamaa gilgaala jaha keessatti kan argamu ta'ee barattoonni dubbisa huruursa daa'immanii fuula dhibbaa fi shantamaa hanga dhibbaa fi shantamii tokkotti jiru dubbisani ergaa isaa akka hubatan,faaruu huruursa daa'immanii maatii gaaffachuun barreessanii akka dhiyeessanii fi saayinsii fi teekinooloojiin ammayyaa aadaa daa'imman uruursuu irratti maal akka fakkaatu akka ilaalan kan taasisudha.

Qabiyyeen kun afaan barsiisuu keessatti dubbisuu, dhaggeeffachuu, barreessuu fi caasluugaa amma tokko kan barsiisu dha. Haata'uu malee fakkeenya adda addaa fudhatee barattoonni akka shaakalanii fi akka waliin mar'atan haala qabatama jiru bu'uureffatee kan qopha'e miti.

Inni biraa faaruu looniiti. Faaruun loonii boqonnaa kudha jaha fuula dhibbaa fi shantamii jaha hanga fuula dhibbaa fi shantamii toorbaa gilgaala shan" A fi B" keessatti kan argamu ta'ee barattoonni faaruu kitaabicha irra jiru dubbisanii yaada isaa akka hubatan taasisuu dha. Innis afaan barsiisuu keessatti dubbachuufi dubbisuu barachuuf carraa guddaa uumaa. Haata'uu malee haala qabatama awaasa keessa jiru ka'umsa godhatee afaan barsiisuuf balidhaan qinda'ee kan dhiyaate miti.

Dabalataan barnoota kana keessatti kan argamu faaruu jaalalaati. Faaruun jaalalaa boqonnaa kudha jaha fuula dhibbaa fi shantamii saddeet gilgaala 5 "B" keessatti kan argamu ta'ee gosa faaruu ta'ee haa dhiyaatu malee afaan barsiisuuf waanta inni barattoota qajeelche oomtuu hin jiru. Kana jechuun maalummaa isaas ta'ee akkamitti qabiyyee kana barattoonni barachuu akka qaban waanti ibsame hin jiru.

Akka yaada armaan olii kana irraa barachuun danda'ametti barnoota afaan oromoo kutaa salgeffaa keessatti faaruu daa'immanii faaruu loonii fi faaruun jalalaa kan keessatti argamu haata'uu malee haala qabatama hawaasa keessa jiru bu'uureffatee baldhinaan afaan barsiisuuf qindoomina kan hin qabne ta'uu isaa sakkatta'aa barruu kana irraa hubachuun danda'meera

4.2.1.7. Sadoomiin akkamitti akka afaan barsiifame.

Sadoomiin barnoota kana keessatti iddoo adda addatti akkaataa walfakkaataatiin barsiifamee jira. Fakkeenyaaf boqonnaa kudhajaha fuula dhibbaa fi shantamii sagal gilgaala jaha keessatti himoota sadoomiin ijaaramanii jiran keessaa barattoonni ergaa dhokataa fi muldhataa adda baasanii akka barreessan cimsa. Kun immoo barattoonni himootaa fi yaadotaaf hiika dhokataa fi muldhataa kennuuf laaffisanii jabeessanii, olkaasanii fi gad buusanii dubbisuun hiika jechootaa beekuuf jechootaaf ergaa edduu akka kennan isaan gargaara. Akkasumas dubbisuuf barreessuu akka cimsatan godha. Haata'uu malee qabiyyeen sadoomii bakka kanatti argamu muraasa waan ta'eef barattoonni baldhinaan shaakalanii, irratti mar'atanii hubannoo akka waliif qoodanitti kan qopha'e miti. Dabalataan boqonnaa kudha toorba fuula dhibbaa fi jahaatamii shan gilgaala lama B keessatti yaadotaaf hiika akka kennan fi gilgaala afur B keessatti sadoomii jechootaa barreeffamaan akka dhiyeessan cimsa.

Fuula dhibbaa fi jahaatamii sagal gilgaala shan A keessatti barattoonni sadoomii keessaa ‘akkasaa’ irratti xiyyeeffatanii himoota akka ijaaran jajjabeessa. Kanaaf barattoonni himoota keessaa akkasaa irratti xiyyeeffatanii jechoota saaduun yeroo barreessanitti hiika jechootaa kallattii hedduun akka baratan gargaara. Kana maleessi barreessuu fi dubbisuu akka fooyyeffatan taasisa. Haata’u malee qabiyyeen sadoomii barnoota afaan oromoo kutaa salgeffaa kan keessatti argamu baa’ee xiqqaa waan ta’eef barattoonni gad qabaniif akka shaakalaniif mijataa miti. Akkasumas akkaataa wal fakkaataatiin waan barsiifameef beekumsa afaanii kallattii gargaraan akka gabbifataniiif qondoomee kan dhiyaate miti.

Gabatee 3. Afoolli kitaabicha barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessa jiru hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

lakk	Gosa afoolaa	Boqonnaa fi afoolli kun jalatti argamu		fuula	Faayidaa afoolli kun jireenya ummata oromoo keessatti qabu.
		Boqonnaa	Mata duree		
1	Mammaa ksa	1	Afaaniifi faayidaa isaa	7-11	
		14	Bilillee(Mahibuubaa)	136	
		17	Garaan walitti na’e	170-171	
2	Geerarsa	7	GeneraalTaaddasaaBirruu	74	
3	Tapha ijoollee	8	Sirna Nyaataa	82	
4	Durdurii	9	MiidhaaIlbisoonniqaama Beeyilladaa Irratti Fidan	92-94	
		14	Bilillee(Mahibuubaa)	137	
5	Hiibboo	14	Bilillee(Mahibuubaa)	137	
6	Faaruu	15	Looga Afaan Oromoo	150-151	
		16	Yeroo yeroon Qabi	156-157	
		16	Yeroo yeroon Qabi	158	
7	Sadoomii	16	Yeroo yeroon Qabi	159-160	
		17	Garaa walitti na’e	168	
		17	Garaa walitti na’e	168-169	

4.2.2. Afoolli kitaabicha barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessa jiru hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

Afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbu dha. Fayyadama afaanii kana ilmi namaa uumama, beekumsa natoofi baranee kan ittiin hubatuufi ibisu jecchuunis nidanda'ama. Kanamalees sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhatee miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kansissi'eessu. hojii uumee ta'uun isaas ifa. Kanaafuu aadaa, seenaa, sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kunuuns dhiyeessa. Hawaasni Oromoo bakkaa fi yeroo adda addaatti dhimma adda addaatiif afoolatti gargaaramee ergaa isaa dabarfataa turee; dabarfachaas jira. Afoolli isaa kunis seetoo isaa waan ta'ee isaan gorfata; semmoo dinagdee, aadaa fi eenyummaa isaa waan ta'eef isa ilaalee quufa. Nattoon of jajjabeessee har'umeetti quba qaba. Daawwitii jireenya isaa waan ta'eefis kaleessa mila'atee har'a jiraata; har'a ciniinnatee booriifis suuqata. isatu jireenya jireenyatu isa. Kanaafuu afoolli kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti argamu jireenya uummata Oromoo keessatti iddoo olaanaa kan qabuufi tokkoon tokkoon isaanii bifa kamiin uummataicha ibsu kan jedhu akka armaan gadii kanatti qaaceffameera.

4.2.2.1. Mammaaksaa kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti argamu hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

Jiruufi jireenya uummata oromoo keessatti mammaaksi faayidaa hedduu qaba .Mammaaksi dimmoota garagaraa irratti namoota daandii jireenyaa sirrii irraa maqan ittiin gorsanii sirreesuun gara karaa sirriitti deebisuu keessatti bakka ol aanaa qaba. Kun immoo gochaa fi amala namaa irratti yaada kennuun bakka dogoggorri jirutti akka sirraa'uu gochuu of keessatti qabata .

Kana ilaalchisee Fennegan (1970:398) “Indeed, any kind of satirical or penetrating comment on behavior may be in the form a proverb and used to warn or advise or bring some to his sense” jechuun ibsite. kana irraa kan hubannu namoonni mammaaksatti fayyadamuun gochaa fi amala namaa irratti yaada kennuu akkasumas gorsa kennuu fi akeekkachiisuun gara miira ofiitti fiduuf kan dhimma itti bahaniidha. Kana malees mammaaksi namoonni wal dhabbii tokko malee wal danda'anii tokkumaan akka waliin jiraataniif, hawaasa keessatti amanamummaa, aadaa wal danda'uu, walkabajni akka dagaagu, walitti dhufeenyi hawaasaa akka cimu, hojii gaarii ta'e jajjabeessuu fi amala badaa qeequun sirreessuu keessatti mammaaksi faayidaa guddaa qaba.

Dabalataan, mammaaksi dubbii fixuun wal dhabbii namoota gidduutti uumame hiikuun waan dirqama hojiirra ooluu qabu namoota hubachiisuuf gahee olaanaa qaba.

Mammaaksi namoonni hawaasa keessatti amanamummaa hin qabne amanamummaa akka qabaatan gochuuf, dargaggoonni hawaasa keessatti walitti dhufeenya sirrii akka qabaataniifi akka aadaa hawaasaatti gahee isaanii akka bahan gorsuuf, bu'aa bayii jireenyaa keessatti namoonni akka abdiin hin kutanne gorsuuf, namoonni obsaa fi haqaan akka jiraatan gorsuu, daa'imman safuu fi akka aadaa hawaasaatti naamusaan akka guddatan gorsuuf, nama gocha gadhee raawwate gorsanii sirreesuuf, hojii fi jijjirama amala fiduuf, hawaasa keessatti namoonni waan gaarii akka raawwatan gorsuuf, daandii jireenyaa keessatti osoo abdiin hin kutatin carraaqqii gochuu akka qabnu gorsuuf, yeroo ofiitti fayyadamuu akka qabnu gorsuuf, wal kabjniin fi jaalalli akka dagaagu gorsuuf, cimnee akka hojjannu gorsuuf, namoonni hanqina isaanii akka fooyyeffatan gorsuuf, icciitii akka qabannu gorsuuf, tokkummaa fi jaalalaan akka jiraannu gorsuuf, of taanee fi ejjennoo sirrii akka qabaannu gorsuu fi waan ta'uu fi hin taane akka adda baafannu faayidaa guddaa qaba.

Gabaabumatti, Faayidaan mammaaksaatti gargaaramanii nama gorsuun qabu: waan jireenya keessatti dhaloota miidhu irraa nama akeekkachiisuuf, jireenya keessatti milkaa'aa akka ta'aniif, namoonni safuufi aadaa hawaasaa akka hin daganneef, waan hawaasa keessatti balaaleffatamu irraa wal deebisuuf, gochaafi amala namaa irratti yaada kennuun akka of sirreessaniif, namoonni dogoggora keessa akka hin galleefi dargaggoonniifi daa'imman hawaasa waliin hariiroo sirrii akka qabaatan gochuu keessatti mammaaksi gahee guddaa qaba.

Mammaaksi hawaasa Oromoo biratti waan hedduuf mammaakama. Fakkeenyaaf, qarutuma, tuffii, jaalala, hawwii, haqa, gootummaa, doqnummaa, jibbaafi kkf, agarsiisuuf nimammaakama. Ergaa mammaaksa tokkoo hubachuuf wantoonni adda addaa nama gargaaruu malu. Fakkeenyaaf, aadaa, seenaa, durdurii faa beekuu barbaachisaadha. Kanaafuu mammaaksa tokko akka fakkeenyaatti kitaaba afaan Oromoo kutaa sagalii keessaa fudhannee yoo ilaalle; boqonnaa tokko fuula saddeet gilgaala saddeet keessatti '**manaa baala, alaa gaala**' jedhu kana uummanni Oromoo tuffiidhaaf itti gargaarama.

Uummanni Oromoo hojiifi ilaalcha namoota dhararratti bobba'anii nituffata. Tuffii isaa kanas mammaaksaan ibsa. Mammaaksi olitti ibsame kun qabiyyeen isaa tuuffiidha. Kun ammo haallan adda addaa keessatti dhimma baasuu danda'a. Isaan keessaa namni yookaan abbaan warraa tokko maatii isaa osoo nyaachisee beela hin basin, uffisee daara hin baasiin yoo alatti guuttataa of

fakkeessuufi haati manaa osoo qlqullina mana ishii hineegiin ,mana ishee bulfachuu hindanda'iin,harka hintoliin hiryoottan ishii biratti garuu guuttattuu of fakkeessitus itti mammkama.

Hanga alaa ga'u manaa ga'uu dadhabuu nama tokkoo balaa fi gaalatti fakkeessuun; oftuummaa alaa gaalatti hir'ina isaa manaa ammo baalatti fakkeessuun dhiyeesuu yaale.Haala kanaan aadaa Oromoo keessatti akkaataa salphaatti namaa galuu danda'uun wantootatti fakkeessuun waliin ilaaluun mammksa keessatti dhiyeesu.Qabiyyeema kana mammaaksa biraatiin dhiyeesuun nidanda'ama.Kana jechuun mammaksuma kana mammksota biraatiin yoo hiikamu akkana ta'uu mala.

- Alaa hamma arbaa,manaa hamma garbaa
- Qorqoorroo keessa jiru boqqolloon keessa hinjiru.
- Ija amma aboottee ga'u ,agartuun keessa hinjiru.Fi kkf dha.

Walumaa galatti mammaaksi tokko qabiyyee matassa kan qabuu fi jireeya uummata Oromoo keessatti haallan adda addaa keessatti dhimma baasuu danda'uu isaa sakatta'a kanarraa hubachuun danda'ameera.

4.2.2.2. Geerarsi kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti argamu hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

Geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee uummanni bakka adda addaatti dhimma kan itti ba'udha.Geerarsi tokko yoom,eessattiifi maaliif akka geeraramu addaan baasannii beekuun nidanda'ama.Geerarsa eenyuyyuu geeraru danda'ulle hawaasni nama bu'aa buusee geeraru jalaa qaba.Kuni ammo barbaachisummaa qabiyyichaa irratti huda'a.Geerarsa qabiyyee isaatiin yoo ilaalle geerarsi kitaaba afaan Oromoo kutaa sagalii boqonnaa toorba gilgaala ja'a keessatti argamu geerars namni diina ajjeese geeraru dha.

FKn.

- Leenci sardiida miitiree rukunnaan dutti mitii
- Gafarsi loon miitiree dhoofnaan gadooddi mitii
- Arbi daa'ima miitiree rukunnaan boosi mitii
- Boorri koo booradhaaree kan murraan muratu
- Kan tumnaan tumamtu.

Aadaa Oromoo keessti diina ofii ajjeesani dibachuun beekamaa ture.Namni tokko ajjeesuuf yemmuu manaa ba'uu fi ajjeese yemmuu galu kan inni geeraru adda adda.Fakkeenyaaf

yemmuu ajjeesuuf deemu hawwii isaa yemmuu ajjeesee galu ammo akkaataa itti ajjeese, ajjeesuuf rakkoo isa mudate, tooftaa ittiin rakkoo sana keessaa ba'e ilaichisee geerara.

Leenci sardiida mitiiree rukkunaan duuti mitii yeroo jedhu leenci hangam mootii bineensotaa ta'uuyuu rukktaa irra kan hin olle ta'uu ibsaa ;Gafarsi loon mitiiree dhoofnaan gadooddi mitii yemmu jedhu gafarsa ajjeesuun salphaa ta'uu isaa nama waa'ee gafarsaa hin beekneef loonitti fakkeessuun hubachiisu. Arbi daa'ima mitiiree rukkunaan boossi mitii jechaa arbi dha'amnaan kan boo'u bineensi kamuu yoo rukkutame nama jala dhaabachuufi namaan morkuu akka hindandeenye geeraraan kun ibsa. Haata'u malee boorri koo booradhaaree kan murannaan muratu kan tumannaan tumatu yemmuu jedhu kan akka isaatti murannaan muratu kan akka isaatti tumannaan tumatu mo'achuun injifanoo isaa ibsachuuf gerara. Kanaaf geerarsi kitaaba kana keessatti argamu geerarsa gootaa kan namni diina isaa ajjeesetti. Innisi jireenya uummata Oromoo keessatti qooda qabaachuu isaa yaaduma kana irraa hubatameera. Akkasumas afwalaloon keessaa walaloon geerarsaa hawaasa Oromoo keessatti baay'ee jaallatamaafi beekkamaadha. Keessattuu duratti abbootiin gootota ittiin kakaasuuf, faarsuuf, cimsuuf, gadhee ittiin qeequuf walumaagalatti gootummaa hawaasichaa ittiin eeganii tursiisuuf fayyadamaa turanii jiru. Amma amma garuu, keessattu geerarsi ajjechaa irraanfataamaa jira waan ta'eef akka dhalootatti dabru galmeessuun kunuusuun yookiin waraabanii kaa'uun bira darbee barnoota aadaa keessa galchuun artii Oromoo ammayyaa keessattis dabaluu faayidaarra oolchuun akka barbaachisu qo'annoo kana keessatti ibsameera.

4.2.2.3 Tapha ijoollee kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti argamu hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

Aadaa Oromoo keessatti maatiin tokko galgala galgala ibidda bira ta'aanii mukuu bahuuf yookiin itti waareffachuuf taphoota taphataman keessaa tokko tapha ijoolleeti. Taphni kun akaakuun isaanii hedduudha. Fakkeenyaaf hiibboo, jimmaa jimmiitee, binoo bineessaa, ayyolee fi kkf taniidha. Taphoonni kun kan taphataman tutaan yeroo baay'ee altokkotti kan keessatti hirmaatu nama lama yoo ta'u kan ni dhaggeeffata. Garuu hundumtuu dabaree isaa eegee taphachuu ni danda'a

Taphanni ijoollee daa'immaniif tajaajila adda addaa kan kennudha. Haaluma kanaan hawaasni Oromoos daa'imman isaa bilchina sammuu isaanii gabbisuun duudhaa fi safuu ummata isaanii qabatani akka guddataniif taphoota kanatti ni fayyadama. Kanaafuu afoola uummata Oromoo biratti bal'inaan beekkaman keessaa inni tokko tapha ijoolleeti. Ijoolleen hirriyyoota ta'an

yemmuu walitti dhufan taphoota addaddaa taphachuun yeroo isaanii dabarsu. Taphni ijoolleef faayidaa guddaa qaba. Jireenya hawaasummaa nibarsiisa, guddina qaamaafi sammuu isaanii nicimsa. Taphoonni akkuma argametti taphatamu osoo hinta'iin seerota mataa isaanii qabu. Hirmaattoonni hunduu seerota sana eeganii taphachuu qabu jechuudha. Haata'u malee yeroo ammaa kana seerota tapha ijoollee kana eegamee akka taphatan gochuu keessattii bakka tokko tokkotti dagatamaa dhufeera. Haalli kitaaba barataa keessatti qopha'e akkaataa rakkoo kanaaf falli itti aragamu barattoonni gad fageenyaan akka shaakalan godhamee baldhinaan kan dhiyaate miti.

Walumaagalatti taphni ijoollee sammuu daa'immanii kan qaruu fi jireenya isaanii gara fuula duraa keessatti aadaa isaanitti akka guddatan akkasumas gochi isaanii seera hawasichaan akka wal qabatu gochuuf kan gargaaru ta'uu isaan jireenya ummata Oromoo keessatti taphni ijoollee iddoo olaanaa qabaachuu isaa sakkatta'aa kana irraa hubachuun danda'meera

4.2.2.4. Durdurii kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti argamu hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

Sheekkoo/durduriin/ akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'ee holloodhaan dhiyaata. Haala dhiyeenya isaa kanaanis kanneen walaloodhaan dhiyaatan irraa adda ta'a. Qabiyeen isaa inni guddaan haala hawaasni tokko keessa ture agarsiisuun haala inni irra jiruuf muuxannoo qooduun egereetiif qopheessuudha. Kana gochuun rakkoo tokko keessaa akkamitti akka ba'an, akkamitti akka ba'uu dadhabanirratti odeeffannoo dhiyeessuun jireenya ammaafi egereef karaa agarsiisa. Waa'ee isa darbee kan calaqqisiisu, waa'ee isa ammaa kan xiinxalsiisuufi waa'ee isa egeree yaachisuu qabeenya hawaasaati jechuudha. Haalli dhiyeenya isaas uumaafi uumama kanneen akka bineensaa, beelladaa, allaattii, namaa, samiifi wkf qooddattota taasifachuuni.

Kanaafuu, durduriin kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa sagalii boqonnaa sagal gilgaala kudha lama keessatti argamu harree, sareefi waraabessa qooddattoota godhachuun dukkanaa diinni ofii nama miidhuu akka danda'u, gorsa hiriyyaa diduun miidhamaaf akka nama saaxiluufi dogoggora hojjetan abshaalummaan jalaa milquuf mala beekuun barbaachisaa ta'uufi inni kun ammo jireenya uummata Oromoo keessatti karaa ittiin walbarsiisaniifi ittiin waldeebisan ta'uun jireenya uummatichaa keessatti iddoo gudaan kan qabu ta'uu isaa saktta'a kana irraa hubachuun dandaa'meera. Sheekkoos qabiyyee isaatiin jireenya ummata keessatti karaa hedduun ilaalama.

Fakkeenyaaf, Sheekkoon durdurii sheekkowwan gootummaa ofkeessaa qabn irratt kan xiyyeeffateedha. Namni seenessuus waan duratti ta'e waan himuuf dhugaa ta'uu isaa namni isa

gaafatu hinjiru. Wantoonni adda addaa akkamitti akka eegalan yookiin jalqaban kan ibsuudha. Kunis ka'umsi aadaa, ,amantii, haala jireenya ummataa, maaliif taatee waan tokkoo gaaffii ka'uuf deebiin kan ittiin deebii argatudha. shakkii, jibba, gootummaa, gadhummaa, jaalala, gamnummaa, gowwummaa, abshaalummaa, k.k.fhawaasa keessa jiru irratti xiyyeeffatee akkuma ilmaan namootaa belladoonnifi bineessonni akkas raawwatan seenessa. Fkn kitaaba barataa irratti fudhatame waa'ee Harree fi Warabessaa kan dhiyaate yoo ta'u kan irratti xiyyeeffatee barsiisu gowwummaa harree fi abshaalummaa saree dha.

Samuel (2005) durdurii yoo hiiku, "folktales as "rich oral histories grounded in cultural tradition and life experiences" jedha. Kana jechuun durduriin aadaa, haala jireenya hawaasaa ofkeessatti hammatee kan seeneffamuudha. Durduriin kuufama muuxannoo ofkeessaa qaba. Waantoota bara adda addaa hawaasa keessatti raawwatan galmeessaa kan deemudha.

4.2.2.5. Hiibboo kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti argamu hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

Hibboon Oromoo haalaa gaaffii fi deebitiin kandhihaatu yemmuu ta'u keessattuu daa'imman sammuu isaanii qaruuf, akka isaan dandeettii adda addaa goonfataniif daandii saaqa. Maatiinis, karaa al idileetiin hiibboo dayeeffachuun, karaa dagatamuu hindandeenyeen ijoollee isaanii maqaalee adda addaa, lakkoofsa, aadaa, duudhaa, safuu, haala falmii, haqummaafi kkf ni barsiisu. Kanaanis, ijoolleen dandeettiwwan afaanii gama adda addaatiin jiran karaa al idileetiin fooyyeeffachaa fi cimsachaa deemu.

Keessattuu ijoolleen galgala galgala hibboo walgaafachuun akka irriibni dafee isaan hinqabne, akka hinmukoofne, akka naannoo isaanii ilaalchisee hubannoo qabaatan, akka sammun isaanii qaroomu kan ittiin taasisnuudha. Hiibboon akkaataa ittiin jalqabamu, namni gaafatamuus akkaataa itti deebisu, dhumarrattis akkaataa ittiin xumuramu qaba. Fakkeenyaaf, namni gaafatu "Hiibboo" yoo jedhu inni gaafatamu ammoo akkuma naannoo adda addaatti "Hibib!" / "Hiph!", yookiin "Hibbakka!" jechun deebisa. Itti aansuun gaafataan gaaffii dhiheessa. Gaafatamaan deebii deebisuuf yaala. Deebii sirrii yoo deebise argatte jedhama. Hindeebisne yoo ta'e "Gabaa /biyya/ kenni" jedhameet gaafatama. Gabaa erga kenne booda akka hinarrbsamne "Afaan kee dammaan Siqabe" jedheet himata. Akkas jennaan arrabni maaliif akka isaa hafe itti himameet deebii akka beeku taasifama. Yoo jechuu baate garuu arrabsoon hima gaggabaaboon yookiin akka walalootti qindaahameen arrabsameet hiikni hiibboo sanaa itti himama. Kanaaf hiibboon jireenya ummata Oromoo keessatti keessumaa gama daa'imman jireenya hawaasummaa fi haala naannoo isaanii

barsiisuun jireenya egereef kan isaan qopheessu ta'uu isaa sakkatta'aa kana irraa hubachuun danda'ameera.

4.2.2 6. Faaruun kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti argamu hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

Faaruun Ogwalaloo Oromoo keessaa isa tokko ta'ee dhimma hawaasummaa tokko keessatti dubbachuun, weeddisuun jecha afaaniin kan kalaqaman yeroo ta'u aadaa, duudhaa, muuxannoo, seenaafi mudannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti isa muudate kanittiin ibsatuudha

Hawaasni Oromoo heedduun jiruuf jireenyi isaa loon waliin kanwalqabatedha. Kanaafuu loon isaatiif kabajaafi jaala guddaa qaba. Faaruun qofaan osoo hintaane sirba hojii keessattillee galcheeti faayidaa loon isaa yemmuu ibsu mul'ata. Kanaafuu, faaruun loonii akka faarutti kandhihaatu yemmuu ta'u, kaayyoon isaa inni guddaan faayidaa, kabajafi marartee looniif hawaasichi qabu ibsuudha. Yemmuu qabiyyee isaa xinxalluus irracaalatti faayidaa loonii, bu'aa loonii, kabaja loonii, k.k.f kan ibsu ta'a

Hawaasa Oromoo keessatti waan hundumtuu seeraafi heera ittiin gaggeeffamu ni qabaata. Osoo qaroomni fi teeknooloojiin jabanaa biyya Afrikaa hin seenin, Oromoon sirna Gadaa jedhamuun of bulchaa akka ture galmeewwan seenaa tokko tokko irraas ta'ee haftee sirna Gadaa hanga har'aa ittiin hojjetamaa jiru hubachuun ni danda'ama. Sirna Gadaa keessatti daa'imman qooda akkamii akka qaban yoo ilaalle. daa'imman umriin isaanii waggaa saddeetii gadi kan ta'an yeroo ta'u abbaafi haati isaanii Abbaa Bokkuu yookiin luba bira geessanii hammachiisu, ebbisiisu, maqaas moggaasisu. Kana booda mucaan kun akka inni qananiidhaan guddatu haatiifi abbaan dirqama isaanii yoo ta'e iyyuu, keessumaa haadhooliin dugdatti baatanii, laphee isaanii irratti hammatanii ijoollummaan waan sammuu isaanii keessa hin baaneen faarsu.

haata'u malee dhimma kana bu'uura godhachuun kitaaba barataa kutaa sagalii dhiyaannaan gilgaala isaa gad fageenyaan barsiisuuf kan qopha'e miti

4.2.2.7 Sadoomiin kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti argamu hangam aadaa safeeffannaa fi bartee uummata Oromoo barsiisa.

Ciigoon dubbii dacha ti. dubbiiileen dacha kanniin sabbooqoo of keessaa qaban. Sabbooqoon ergaa lama of keessaa qaban:-ergaan tokko ergaa ifaa fi fuullee jiru yoo ta'u ergaan lammataa ergaa dhokataa yookaan icciitiin kan jiru dha. Bu'uuruma kanaan Dubbii dubatu keessatti ummanni oromoo cigoowwan soorgoo fi sokoo isaanii adda baasanii itti gargaaramu. Haata'u malee

kitaaba barataa keessatti yeroo qopha’u osoo maalummaa fi fayidaa cigoo adda baasee barra’ee kan dhiyaate miti. Akkasumaan Kitaaba barataa Boqonnaa 16 fuula dhibbaa shantamii sagal irratti Barannoo 3 jedhee erga barreessee booda waa’ee maalummaa cigoo osoo hin barsiisiin gara gaaffii gilgaalaatti darbe.fkn

1. Cululleen saamtuudhaa yaada hinqabdu fayyaa

Ani ishee hineeguu sinbiraltee wayyaa.

Ciigoo : sinbiraltee wayyaa

Sorgoo : Cululleerra sinbirroo wayya

Sokoo : Isin wajjin (isin bira wayya)

2. Osoo waa hinnyaatin torban guute agabuu

Hojjedhee akka hinnyaanne anuu quba hinqabu.

Ciigoo : quba hinqabu.

Sorgoo : qaamni koo hir’uudha

Sokoo : Odeeffannoo hinqabu (hindhageenye)

Jechamoonni yeroo hunda miidhagina qabu. Irra deddeebii hubachiisus. Dubbiirraa addummaa qabu. Humna qabeenya dubbii haarii mul’isaniinis ni beekamu. Amala walaloo fi dubbii jidduutti argamu. Dubbataan dhaggeeffattoota hawachuuf sagalee isaa cimsee dubbata. Dhaggeeffattoonis yaada hin hiran. Gurra itti qabani dhaggeeffatu uummanni Oroomos haala armaan olii kanaan dhimma itti baha. Haata’u malee kitaaba barataa kutaa salgeffaa Boqonnaa kudha toorba fuula dhibbaa fi jahaatamii sadeetti keessatti haalli dhiyaannaa jechamaa kun waa’ee jechamaa barataan osoo hin beekiin callisee gara gilgaalaatti seenee waan ta’eef barattoonni hubatanii hubachiisuu irratti dhiibbaa kan geessisudha.

Gosoota dubbii qolaa /haalawaa/ hawaasni Oromoo itti gargaaramu amalli tokko amala waan biraatiin walbira qabamee ibsuudhaan itti gargaaraman dha. Malleen dubbii fayyadama afanii kan haala salphaa ta’een ergaa tokko nama hubachiisan dha. Kana jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii yookaan arbeessanii hubannoof haala mijeessan jechuu dha. Haalli dhiyaannaa malleen dubbii kun kitaaba barataa kutaa salgeffaa boqonnaa kudha toorba fuula dhibbaa fi jahaatamii sadeetti fi sagal irratti qopha’e baldhinaan akka barattoonni shaakalaniif carraa guddaa kan uume miti

Gabatee 4.4. Xinxala Afoola faayyadamanii dandeettiwwan Afaanii barsiisuu kitaaba Afaan oromoo kutaa salgeffaa

T/ L	Gosoota afoolaa	Dandeettiwwan afaanii				Boqonnaafi fuula	
		Dubbachuu Barsiisuu	Dhageeffach uu barsiisuu	Barreessuu Barsiisuu	Dubbisuu barsiisuu	Boqon naa	Fuula
1	Mammaaksa	✓		✓		1	7-11
						14	136
						17	170-171
2	Geerarsa	✓	✓	✓	✓	7	74
3	Tapha ijoollee	✓	✓	✓		8	82
4	Durdurii	✓	✓		✓	9	92-94
						14	137
5	Hiibboo	✓	✓		✓	14	137
6	Faaruu	✓	✓			15	150-1558
7	Sadoomii			✓		16	159-169

4.2.3. Xiinxala afoola faayyadamanii dandeettiwwan Afaanii barsiisuu kitaaba Afaan oromoo kutaa salgeffaa

Akkuma gabateen 4.4 agarsiisuutti, goorowwan afoolaa armaan gadiitti tarreeffama kitaaba kana keessatti ‘barannoon’kan dhiyaataniidha. Gorowwan kunniin keessaa, geerarsa, durdurii, jechama , faaruu Loonii, , ciigoo, hibboo , jalatti gilgaalonni dhiyaatan dandeettiwwan afaanii haala bal’ina hinqabneen hammataniiru. Geerarsa, Tapha ijoollee, durdurii, , Hiibboo , Faaruu Jalalaa fi Jechama jalatti gilgaalonni dhiyaatan hiikaa jechootaa muraasa kan of keessaa qabanii fi barattoonni akka shaakalaniif gilgaalli baldhinaan hin kennamne.

Gama biraatiin , Afoolli kitaaba barnootaa kana keessatti ‘ barannoon’ daangeffamee dhiyaachuun ogummawwan dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi dhageeffachuu akkasumas caaslugaafi hiika jechootaa bal’inaan ittin dhiyeessuuf haala mijataa akka hinqabne mul’isa.

Afoolan ogummaawwan afaanii arfan, hiika jechootaafi caasluga dhiyeessuun filatamaa akka ta'e hayyoonni kaasaniiru. Sababoota afoola filatamaa taasisan keessaa muraasni: Afoolli barattoota keessatti kaka'uumsa uumuun akka hirmaannaa o'aa taasisan kan godhu waan ta'eefi. Odeeffannoo sakatta'a kitaaba barnootaa kutaa salgeffaa irraa argame kun kan hubachiisu, goorowwan afoola dhiyaatanirra caalaan kan irratti xiyyeeffatan dandeettiwwan afaanii keessaa dandeetti dubbachuu yoota'u, itti aansudhan barreessuu ,sadaffaa irratti dubbisuufi dhuma irratti dhaggeeffachuu kandhiyeessan ta'uu isaaniti. Haata'u malee, ogummaaleen afaanii arfan kunneen immoo wal utubanii akka deemaniidha. Kana jechuunis,akkuma beekamu hojii gareen keessatti dubbachuu, dhaggeeffachuufi gareef yoo gabaafamu immoo barreessuufi dubbisuu ofkeessatti qabaachuu danda'a. Kanaafuu shaakala tokko keessatti carraa ogummaawwan afur si'a tokkotti fayyadamuutu jira.Haalli dhiyaannan sirriin kana haa ta'u malee, kitaabicha keessatti haalli ittidihiyaate dandeettiwwan kanneen walsimsiisuun dhiyeessuu irratti hanqina of keessaa qaba. Fakkeenya kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa, boqonnaa sadeet mataduree "sirna nyaataa" jedhu jalattii (fuula 82) barannoo 3 shaakala tapha ijoollee barattoonni yaada adda addaa akka dhiyeessaniif fakkeenya fudhatme gahaa miti.Dabalataanis taphanni ijoollee yeroo taphatamu seera mataa isaa qaba garuu taphni ijoollee seera eegamee kitaabicha irratti barra'ee dhiyaate qabatamaan akka shaakalan gochuu irratti hanqinatu jira. Hanqinchis Fkn kitaaba barataa irratti fudhatame namni hiibboo gaafatu'hiibboo' yemmuu jedhu, kan hiibboo deebisu ammoo 'hibbakka/hibib' jechuun jalaa qaba. Jecha kana qofa osoo hin taane taphichi akka fakkeenyaatti fudhatame guutuutti barra'uu qaba.Haata'u malee, akkaataan gaaffin kun itti kitaabicha keessatti itti dhiyaaten bu'aan argamuu danda'u: dandeettii dubbisuu cimsuun hubannoo waa dubbisanii adda baafachuu dabaluu qofaa irratti kan daangeffame agarsiisa.

Gama biraatiin afoolli kitaaba barataa kana keessatti dhiyaate hirmaannaa barattootaa cimsuu irratti akka mul'atutti, barattoonni gahuumsa dhuunfaafi gareen qaban akka cimsatan taasisuuf kallattii sirrii qabsiisurratti hanqinni ni mul'ata. Akka fakkeenyaatti boqonnaa hunda dhiyaate keessatti garee gareetti qoodamuun akka barataniif haala mijataa ta'ee gilgaalli afoolaa kun kan dhiyaate miti. Kanaafuu gaaffichi iftoomina qabaachuun barattoota hirmaachisuurratti hanqina qaba.

Walumaa galatti,haallii dhiyaannaa gilgaalota afoola kitaaba Afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti argamanii yemmuu qaaceffaman irra caalaan isaanii gilgaalota afaaniin deebi'an, ibsa dhuunfaa barbaadan bal'inaan kan of keessatti qabate ta'uu hubachuun danda'ameera

4.2.4 Xiinala Ragaalee Af-gaaffii

4.2.4.1.Qaaccessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barsiisota Irraa Argame

Odeeffannoowwan afgaaffiidhaan barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Booraa sadarkaa lammeffaa kutaa salgeffaa barsiisan irraa argamee bifa itti aanu kanaan qaaceffamuun dhiyaate. Kitaabni afaan Oromoo kutaa 9ffaa kun afoola fayyadamuun hangam afaanicha barsiisaa jira yaada jedhu irratti Barsiisaan Addunyaa Lataa Geerarsa,tapha ijoollee,durdurii,hiibboo,faaruu daa'iimmanii,ciigoo fi jechamni dhiyaate kun barattoonni akka shaakalaniif barannoon haa qophaa'u malee gilgaalonni hiika jechootaafi dubbisa adda adda afaan akka barataniif qopha'e baldhina kan hin qabneef barattoota hirmaachiftee barsiisuuf mijataa miti.

Barsiisaan Aragganis afoola fayyadamanii afaan barsiisuu irratti gilgaalonni kitaaba barataa irratti dhiyaatan afoola awaasicha keessa jiru sirritti adda baasee kan barsiisu miti jedhu. Fakkeenyaaf,tapha ijoollee, hiibboo fi faaruu daa'iimmanii fi kanneen biroo kitaabicha keessatti argaman baldhinaan afoola kan hin barsiifne ta'uu fi afoolli dhiyaateillee boqonnaalee muraasa keessatti qofa akka jiru yaada isaa ibseera.

4.2.4.2.Hiika Jechootaa Barsiisuu Keessatti

Afoola keessatti barattoonni jechoota gara garaa kan duraan hinbeekne haaraa fi kan beekanis immoo, hiikaa fi faallaa isaanii waliin nibaratu. Barattoonni yeroo afoola baratan dhaamsa afoola sanaa haalaan hubachuuf, jechoota afoolli ittiin dhiyaate ni baratu. Akkasumas, wayita afoola gaafataman deebisuuf carraaqanis, jechoota baay'ee afoolichaan hidhata qabaniin walbaru. Odeeffannitoonni barsiisota Afaan Oromoo (b/saa Addunyaa Lataa,fi b/saa Araggaa Bulchaa) kutaa salgeffaa barsiisan afgaaffii Caamsaa 08 fi 12 /09/2012 taasifameefiin faayidaa Afoolli jechoota barsiisuu keessatti qabu daran olaanaa jechuun dubbatu. Jechoota hiika walii ta'anis hubachaa deemu.

Jechoota Afoolli keessatti isaan mudaterratti hundaa'unis jechoota biraa tilmaamuu danda'uu isaanii dubbatu. Kunis, adeemsa afoola barachuu keessatti ennaa jechoota adda addaa maqaa dhahan jecha isaaniif haaraa ta'e yoo mudate, maal jechuu akka ta'e walgaafatu. Kanaanis, waan beekan walhubachiisaa beekumsa gama kanaan qaban cimsatu.

(B/saa Addunyaa Lataa)

Odeeffannoo Afgaaffii Caamsa,12/09/2012 (B/saa Araggaa Bulchaa) irraa argameenis, wayita Afoola barsiifnus ta'ee baratan bashannanaa baratu waan ta'eef, adeemsa kana keessattis hiika jechootaa barachaa akka danda;an ibsu. Waan ifa hintaanee akka walirraa baratan taasisa jechuun dubbatu.

Qorattuunis, odeeffannoo barsiisotarraa argame irratti hundaa'uun hiika jechootaa barsiisuu keessatti afoolli gahee olaanaa qabaachuu isaa bira geessee jirti. Fakkeenyaaf, Mammaaksa “Akka ebaluu sirbaan boquu nama jallisaa” jedhu, osoo gaafatamanii Mammaaksa kana keessaattii hiika jechaa boquu jedhuu baruu danda'u.

4.2.4.3.Faallaa Jechootaa Barsiisuu Keessatti

Afgaaffiin, odeeffannoo Caamsaa 08 /09/2012 barsiisa Addunyaa Lataa irraa argames, barattoonni Afoolaan akkuma dandeettii hiika jechootaa horatan faallaa jechootaa cimsachuu danda'u kan jedhu ture. Kunis deebii afoolichaan argachuuf jecha jechoota heddu wantoota naannoo isaanii jiran waliin walqabsiisuun maqaa dhahu.Fakkeenyaaf hiibboo “abbayyii gabaabduu jalli ishee gabaa dha” jedhu irraa deebiin isaa mosee dha.Inni kun immoo waantota naannoo isaaniitti argamaniin akka wal baran taasisa.Karaa biraatiin yaalii keessaa immoo faallaa jecha sanaa ykn kan itti siqu waamuu danda'u. Kanaanis, dandeettii faallaa jechaa osoo hin yaadin wal irraa baraafi walbarsiisaa deemu jechuun kaasan.Keessaayyuu, qabiyyee hiibboorratti hundaa'uun dandeettii adda addaa goonfachuu akka danda'an qorattuuf yaada kaasaniiru.

Haata'u malee Barsiisonni lamaanuu kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa salgeffaa kun qabiyyee afoolaa dubbisa hiika jechootaa ta'ee fallaa jechootaa dubbisanii keessaa hubachuu danda'an irratti haalli dhiyaannaa afoolaa hanqina qabaachuu kaasanii jiru.

Odeeffannoo kanarratti hundaa'uun qorattuunis, qabata afoolaatiin faallaa jechootaa barsiisuun akka danda'amu bira geessee jirti.Kunis barattoonni jechoota haaraa afoola keessatti isaan qunnamu gaafachuun isaanii hin oolu; ennaa kana immoo jechoota kana wayiin walbira qabanii yaaduun faallaas ta'ee hiika isaa baruuf carraaqu.Kanaanis, dandeettii faallaa jechootaa baruun gabbifachaa deemu. Ta'ullee kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa salgeffaa kun qabiyyee afoolaa dubbisa hiika jechootaa ta'ee fallaa jechootaa dubbisanii keessaa hubachuu danda'an irratti haalli dhiyaannaa afoolaa hanqina qabaachuu isaa yaada dhiyaate kana irraa hubachuun danda'ameera.

4.2.4.4. Caas-luga Barsiisuu Keessatti

Afoolli dandeettii afaanii cimsuu keessatti qooda guddaa qaba. Haaluma walfakkaatuun, afoolli dandeettiin barattootaa gama caaslugaan qaban cimsuu irrattis gahee guddaa qaba. Caasaa afaanii isa xiqqaa hanga guddaatti afoolaan qabachuun ni baratu.

Odeeffannoon afgaaffii barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Addunyaa Lataa fi Araggaa Bulchaa kutaa salgeffaa barsiisan irraa caamsa 08, fi 12/09/2012 argame, afoolli barattootni caasaa afaanii osoo itti hin dhiphatin karaa salphaa ta'een akka baratan dandeessisa jedhu. Osoo caasaa afaanii dabsuun gaafatamanillee akka dogongora ta'e salphaatti ni hubatus jedhanii jiru. Kunis, caasaa afaanii isa xiqqaa irraa kaasee hanga guddaatti karaa salphaa ta'een barachaa deemu. Fakkeenyaaf, hiibboo walgaafatan tokko keessatti osoo jecha dabsanii walgaafatanii akka sirrii hintaane hubachuun wal hubachiisu yaada jedhu kaasanii jiru.

Yaada barsiisotarraa argamerratti hundaa'uun, Afoolli caasaa afaanii barsiisuuf akka gargaaru hubatamee jira. Kunis barattoonni afoolawwan gara garaa osoo mana barumsaa hin dhufin maatii/ naannoo keessatti baruu danda'an. Adeemsa barnoota afaanii caasluga barsiisuu keessatti immoo, beekumsi barattoonni duraan qaban kun caasaa afaanii sirrii hin taane ykn dabe salphumatti barsiisuuf gargaara. Kanaafis, muuxannoon duraan qaban bu'uura ta'uun isaan gargaara. Barsiisonni lamaanuu yaaduma walfakkaatuun faayidaa afoolli gama caasaa afaanii barsiisuutiin gahee inni qabu olaanaa ta'u illee haalli qophii kitaabichaa xiyyeeffannoo inni afoolaaf kenne xiqqaa ta'uu ibsu.

Qorattuunis, odeeffannoo afgaaffii, irraa argatte irratti hundaa'uun afoolli caasaa afaanii barsiisuu keessatti qooda olaanaa akka qabu hubattee jirti. Fakkeenyaaf, hiibboo "**Abbaas hinfakkatu, aayyaas hinfakkaatu**" jedhu keessatti, ijoolleen caasaa afaanii dhamsaga irraa kaasee, hanga himaatti ulaagaa keessa darbuu qabu nibaratu. Hiibboo kana keessatti, dhamjечи '**hin**' jettu tajaajila maaliif akka bakka sana galte kan jedhus ni hubatu. Akkasumas, fakkeenya hiibboo "Haati mana ilaalti ilmoon ala ilaalti" jedhu kanaas yoo ilaalle jecha '**Haati**' jedhu kana keessatti dhamjечи (**-ti**) mathima mul'isuuf akka galte hubachuu danda'u. Duuchumatti immoo, caasaa afaanii hiibboon kun keessatti dhiyaate sirriifi sirrii ta'uu dhabuus ni hubatu, yoo dogongoranillee walsirreessu. Kanaanis dandeettii afaanii gama caaslugaan jiru daran akka cimsataniif isaan gargaara. Walumaagalatti afoolli dhamsaga, dhamjecha, caaslugaafii xiinhima caasaa afaanii keessatti barsiisuuf gahee guddaa taphata. Akkasumas, fayyadamtoonni afaanii

dandeettiinwan afaanii biraa waliin walbira qabuun barnootaafi mana barnootaa keessatti akka fayyadamaniif gargaara.

Haata'u malee kitaabni afaan oromoo kutaa salgeffaa faayidaa afoolaa kana giddugaleeffatee sadarkaa barattootaa ilaalcha keessa galchee fakkeenyota garaagaraa fudhachuun afoolaan caasluuga barsiisuu irratti haalli dhiyaannaa qabiyyee dhiphaa dha.

4.2.4.5.Xinxala Gahee afoolli jireenya Hawaasaa Oromoo keessatti qabu.

Afoolli kitaabicha keessa jiran jireenya ummata oromoo keessatti ammam bakka qaba yaada jedhu irratti Barsiisaa Addunyaa Lataa goorowwan afoolaa kitaabicha keessatti dhiyaatan kunniin akkuma ogafaan hawaasa kamiyyuu Ogafaan Oromootiis hawaasa keessatti gahee guddaa qaba.innis dhalootaa dhalootaatti jecha afaaniin kan walharkaa fuudhamaa dhufeeffii amala ogummaa dandeettii dhalli namaa waa kalaquuf qabu kan calaqqisiisu, dhalli namaa yaada isaa, hawwii isaa, fedhii isaafi kkf ogummaa ittiin ibsatuudha fkn geerarsaa kan yeroo qonnaa, kan tikee, kan ayyaanaa waggaa yeroo ittiin ibsatu dha.Haata'u malee daree barnootaa keessatti yeroo barsiifnu qabatama hawaasa keessa jiru sirritti adda baasee afoolicha kitaabicha keessatti dhiyaate ibsuu irratti hanqina guddatu jira.fkn Faaruu loonii, Faaruu Jalalaa geerarsa fi hiibboo baldhinaan kan dhiyaate miti.

Afoolli jireenya Hawaasaa Oromoo keessattifaayidaa hedduu qaba. Kanneen keessaa tokko, bashannansiisuu fi gammachiisuudha. Kana gochuunis mukuu nama baasa; dadhabbi namarraa balleessa; yaadaafi yaaddoo salphisa. Kanaafuu, miidhaa hedduu qaamaafi sammuu keenya irraa qolata. Hojii cimaafi dadhabsiisaa keessatti afoolli bifa sheekkoonis, sirbaanis, geerarsaanis ta'ee, mammaaksaan dadhabbi irraanfachiisee cimina humnaafi hamilee namatti hora; onnee namaas dadammaksa; nama jajjabeessa. Kanaaf afoolli kitaaba barataa kutaa salgeffaa keessatti argamu kunis qabiyyeen muraasa ta'u illee yaada afoola armaan olii kanaan hawaasaaf tajaajila guddaa qabaachuu isaaa ibseera.

Hojii sodaachisaa tokko keessattis laphee namaa kennee sodaa irraanfachiisa.Karaa kanaan, keessumaa sirbiifi geerarsi iddoo guddaa qabu.Fakkeenyaaf, weedduu durbaa ykn arrabsoon akka dhiirri tarkaanfii cimaa amma wareegama lubbuu kanfaluu geessisu akka fudhatu godha. Garmalee warraaqsuurraan kan ka'e sodaa irraanfachiisa. Geerarsi nama cimaa cimina isaan waa gonfachuu mul'isus kanneen birootti onnee hora. Ni jajjabeessas.Akkasumas hojii yeroo hojjatanis ta'e yeroo xumuran weedduun of bashannansiisuun amala hawaasa oromoo keessa jiranuuti. Kanas kan taasisan lafa hojiitti mata matattis haa ta'u galgala maatii ballaa waliin ta'uu

danda'a. Haaluma yaada armaan olii irraa hubatamuun yeroo baayyee afoolli hojii cimaatti bobba'anii olaanii yoo galgala galan dadhabii nama dagachiisa. Maatiin tokko dadhabaa oolee yoo galee ibiddatti naanna'ee taa'u ykn qaanqee baatii keessa ala taa'u afoola gosa adda addaa taphachuun hawaasa Oromoo hunda keessatti baayyee beekamaadha. Keessumaa dargaggoon namoota irraa gareen adda ba'anii fagaatanii deemuun iddoo dhoksaatti, bakka midhaan ykn dallaa eeganitti bashannanuu jaalatu. Iddoo kanatti geerarsa, hiibboo, sheekkoo, mammaaksa, weedduu, weelluu kkf dhiyaachuu danda'u. Iddoo walitti dhufeenyi akka tasaa ta'e kanneen keessatti, bashannansiisuutti dabalee, gosoonni afoolaa kanneen jajjabeessuuf, gootomsuuf, hubachiisuuf, dadammaksuuf bu'aa cimaa qabu jedhee kaasa (Barsiisaa Araggaa Bulchaa)

Gama Mammaaksota Oromootiin barsiisonni lamaanuu yaaduma wal fakkaataatiin uummanni Oromoo durirraa jalqabee osoo barumsi ammayyaa hin babal'atin ogafaan isaatti gargaaramuun aadaa ittiin wal gorseewal sirreessuu, wal jajjabeessu, wal barsiisuufi wal ijaaru qaba. Gosti ogafaanii hawaasni Oromoo walgorsuun dhimmoota hawaasa keessatti balaaleffataman irraa waldeebisuun, walqajeelchuufdhimma itti bahu keessaa tokko Mammaaksa isaati. Hawaasni Oromoo mammaaksatti fayyadamuun waan hawaasa keessatti balaaleffatamu Anamoonni akka hin raawwanne akeekkachiisuuf, irraa deebisuuf, dhaloonii aadaafi safuu hawaasaa akka hin daganneef, dogoggora keessa akka hin galleef, obsa akka horataniif, iccitii akka qabataniif, hojiitti kakaasuuf, tooftaa akka fayyadamaniif, dimshaashumatti, milkaa'ina jireenyaa akka horatan gochuuf kan dhimma itti bahaniidha. Kanaaf, uummanni Oromoo Mammaaksatti dhimma bahuun yeroo namoota gorsan, gorsa dabarsuu barbaadan sana bifa gabaabaa ta'eefi haala hin dagatamneen cimsaniifi miidhagsanii ergaa ittiin dabarfatu. Fakkeenyaaf Dargaggoonni qaama hawaasaa keessaa tokko yemmuu ta'an jiruuf jireenya isaanii keessattiifi hawaasa keessa jiraatan keessatti aadaafi safuu hawaasa Oromoo osoo hin cabsin hojiilee hawaasaa keessatti fudhatama qabu akka hojjetaniifi yeroo humna qabanittis, waan jireenya isaaniif ta'u hojjechuun akka of jijjiiran hawaasni mammaaksatti fayyadamuun gorsa dabarsaaf. Kanneen keessaa tokko **“Mishingaa fi ilmi dhiiraa torba kufanii torba ka'an”** Uummanni Oromoo dargaggeessi tokko bu'aa bayii jireenyaa keessattiwal'aansoo taasisu keessatti osoo abdi hin kutatin jabaatee akka hojjetu yommuu gorsan, **“Mishingaafiilmi dhiiraatorba kufanii torba ka'aan”** jedhanii mammaaku. Kun immoo dargaggeessi yeroo humna qabutti nuffii tokko malee jireenya isa boruuf ifaajuu akka qabu kan gorsuudha. Dabalataan, jireenyi yeroo hunda daandii qajeeloo akka hin taane ibsuuf, jireenyi bu'aa bayii garagaraatiin

kan guutamte ta'uu ibsa. Bu'aa ba'ii kana keessa darbuuf, bu'anii bahuufi obsa qabaachuun barbaachisaa ta'uu kan gorsuudha. Kanaaf, qormaata jiruuf jireenya keessatti qunnamuuf, dargaggoonni harka kennachuu akka hin qabne gorsa jedhanii kaasan.

Qorattuunis yaaduma kana cimsuun faayidaa afoolaa keessaa inni tokko jiruu fi jireenya dhala namaa galmeessee ol kaa'uudha. Nutis bara keenyaa keessatti kuusaa isaan olkaa'an finnee sanyiitti dabarsine. Kana malees, raawwiin adda addaa dhugaarratti xiyyeeffachuu danda'u. Geerrarsaan dhimmi wanta dhugaan raawwatee geeraruu danda'a. Hibboo dhugaan amala dhugaa wantootaa hima; akka namni addaan baasus gaafata. Kanneen biroos amaloota wal fakkaatan qabu.

Uummanni Oromoo mammaaksatti fayyadamuun namoonni dhimmoota garagaraa irratti tasgabbiin dhabuu irraan kan ka'e dogoggora keessa akka hin galleefi of eeggannoo gochuu akka qaban mammaaksaan fayyadamuun kan gorsan ta'uu ragaa odeeffannoo kennitoonni kennaniin hubachuun danda'ameera. Namoonni beekaanis haa ta'uu osoo hin beekin aariidhaan ykn ariifannaadhaan osoo of hin qabin jireenya jiraatan keessatti dogoggora uumuu danda'u. Kanaaf, namoonni balleessaa akkasii keessa akka hin galleef dursanii of too'achuu akka qaban hawaasni Oromoo mammaaksaan akeekkachiisuungorsa kennu. Kana malees, bu'aa bayii jireenyaa keessatti dhimma dhuunfaafi hawaasaa yeroo raawwannu of eeggannoo gochuu akka qabnu kan gorsa dabarsaniidha. Fakkeenyaaf **“Akka dheebotan hin dhugan, akka argan hin dubbatan”** Mammaaksa kana keessatti namni tokko dubbachuun duratti waan dubbachuu barbaade sana irratti of eeggannoo taasisuu akka qabu mammaaksaan yoo gorsan, “Akka dheebotan hin dhugan, akka argan hin dubbatan” jedhanii mammaaku. Mammaaksi kun kan ibsu, namni tokko dubbi dubbachuu barbaade akkuma itti dhufetti dubbachuu osoo hin taane haala keessa jiru, eenyuuttiifi eenyuuf akka dubbatuufi maaliif akka dubbatu adda baafachuu akka qabu kan gorsuudha. Yoo kana hin taane, dubbiin dubbatamu maddi isaa kan hin beekamneefi kan namaan walitti nama buustu ta'uu dandeessi. Dimshaashumatti, mammaaksi kun nammoonni jireenyaa isaanii keessatti waan raawwachuufi dubbachuu barbaadan hunda keessatti of eeggannoo gochuu akka qaban kan gorsuudha. Kanneen armaan olitti tarreeffaman hunduu akka walii galaatti faayidaa afoolli jireenya ummata Oromoo keessatti qabu dha.

4.2.4.6. Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu Keessatti

Afoolli dandeettiiwwan afaanii cimsuu keessatti qooda guddaa qaba. Akkasumas, ergaa fi mallattoon isaa sammu barattootaa si'oomsuun nuffii malee akka barataniif karaa bana. Afoolli

dandeettiiwwan afaanii afran barsiisuuf faayidaa guddaa qaba.Keessattuu, dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu barattootaa cimsuu keessatti gahee guddaa qaba.Barattoonni wayita wal gaafatan deebii sirrii xiinxaluuf gaaffii afoolaa haalaan dhaggeeffatanii hubachuu danda'u jechuun kaasa. (Barsiisaa Addunyaa Lataa)

Yaadni afaaffii barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Addunyaa Lataa fi Araggaa Bulchaa) kutaa salggeffaa barsiisan irraa Caamsaa 08, fi 12/09/2012 argame ibsutti barattoonni wayita afoolaan baratan irra caalaa qalbiin dhaggeeffatu. Kan dhaggeeffatan bu'ureeffachuun immoo, yaada dhimma afoola sanaan walqabatu dubbachuun deebisu. Kunimmoo, dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii akka cimuu taasisa.Darbee darbee immoo, hojmanee kennamuuf keessattii dandeettii barreessuufi dubbisuu isaanii cimsuufis nigargaara jedhu.

Afoolli kitaaba kana keessatti itti gargaaraman ammam dandeettiiwwan afaanichaa barsiisa yaada jedhuuf barsiisa Araggaa Afoolli kitaabicha keessatti dhiyaate akka barnoonoo tokkotti haa dhiyaatu malee dubbisaa fi gilgaalonni kitaabicha keessatti dhiyaatan darbee darbee muraasni kan jirudha.Yaaduma kana barsiisaa Addunyaa Lataa cimse darbe.

Akka yaada barsiisonni kennan kanarraa hubachuun danda'amutti, kitaaba kana keessatti afoolaafi qabiyyeewwan biroo barannoon adda baasuun dhiyeessuun afoolaan dandeettiiwwan afaanii, caaslugaafi hiika jechootaa ittin barsiisuuf mijataa kan hin taanedha. Afoolli akka dubbisaatti yoo dhiyaate garuu, dandeetti kanneen ittiin barsiisuuf kan tolu ta'uu agarsiisa.

Qorattuunis, odeeffannoo barsiisotarraa argatte bu'uura godhachuun afoolli dandeettiiwwan afaanii keessattuu, dhaggeeffachuufi dubbachuu barsiisuu keessatti shoora olaanaa akka taphatu hubattee jirti.FakkeenyaafGeerarsa keessatti dhaggeeffachuu fidubbachuu,akkasumas waaqeequuf,mammaaksa keessatti galtee dubbii ibsuuf barreesuu fi dubbisuu, hiibboo keessatti immoo gaafatamaan hiibboo gaaffii gaafatame deebisuuf kan dhaggeeffatu yoo ta'u, jamaanis waliin dhaggeeffata. Kanamalees, gaafatamaan deebii hiibboo sanaa deebisuuf jecha wantoota baay'ee maqaa dhahuun dubbata. Kanaanis barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu gabbifachaa deemu. Dabalataanis ragaa barsiisota irraa argame bu'uura godhachuun, hiibboon damee afoolaa keessaa isa tokko ta'ee, bifa gaaffiifi deebiitiin kan dhiyaatuudha. Innis, barattoonni deebii hiibboo sanaa argachuuf jecha wantoota naannoo isaanitti argamu walbira qabuun walmadaalchisu. Kunis, naannoo isaanitiin walbarsiisuu bira darbee wantoota naannoo isaanii keessatti argaman akka isaan beekan taasisa.Akkasumas, hiibboon gaafataafi gaafatamaa

waan qabuuf, walcaqasuun jira.Kanaanis, dandeettiinwan afaanii keessaa caalaatti dhaggeeffachuu fi dubbachuu akka gabbifatan taasisa.

4.2.4.7. Haalli barsiisuu afoolaa kitaaba barataa kutaa sagalii keesstti dhiyaate hanqina akkamii qaba?

Akka hanqinaatti waanti ka’u fi fuulduratti maal ta’uu qaba yaada jedhu irratti Barsiisaa Addunyaa Lata Afoolli kitaabicha keessatti dhiyaatan shaakala gahaan ibsaan deeggaramee hindhiyaanne; qabiyyeen afoolaafi qabiyyeewwan biroo akkaataa waldeeggaruun barsiisuuf mijataa ta’ee hindhiyaanne; afoollifi shaakalli dhiyaate sadarkaa barattoota waliin kan deemu miti. Kana jechuun, gilgaalota keessatti akka barattooni waamadaalan, haala galuumsan hiikaniifi qabatamaan agarsiisa kan afeeruu miti.Yaaduma kana irratti barsiisaa Araggaa yoo ibsu kitaaba kana keessattii dandeettiinwan afaanii eegee kan dhiyaate miti

Akka yaada barsiisotaa kanneen irraa hubachuun danda’amutti Afoola fayyadamanii afaan barsiisuun walqabatee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa keessatti hanqinaaleen mul’atan: afoolli kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan ibsan kan hindeeggaramne ta’uu; shaakalli afoolaan walqabatani jiran gahaa ta’uu dhabuu; qabiyyeewwan kanneen akka dubbisuu, barreessuu, dhaggeeffachuu, dubbachuu, caaslugaafi hiikaan jechootaa barannoon kutaa kutaan waan dhiyaataniifuu afoola waliin hariiroon isaan qaban laafaa ta’uu.

4.2.4.8.Haalli dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnootaa keessatti akkamitti yoo dhiyaate fooyya’aadhaa?

Akka yaada furmaata ni ta’a yaada jedhu barsiisaa Addunyaa Lataa Kitaabichi yoo qophaa’uu barannoon adda adda qoqqoodee dhiyeessuurra afoola dhiyaate tokko irratti hundaa’uun barattooni caasluga, hiikaa jechootaa, ogummaa afaanii akka shaakalaniif dhiyeessuu; gilgaalonna afoolaan walqabatani dhiyaatan bal’inaan hojii garee, madaallifi haalagaluumsaan xiinxalufi gochaan agarsiisuun osoo dhiyaatani”. Barsiisaa Araggaa immoo bu’aa afoolli hawaasa tokkoo barsiisuu keessatti qabu guddaa waan ta’eef akka gosa barnoota tokkotti kennamuu qaba yaada jedhu qaba.

4.2.5.Qaaccessa Odeeffannoowwan Af-gaaffiidhaan Barattoota Afaan Oromoo kutaa salgaffaa Mana Barumsa Booraa sadarkaa 2^{ffaa}.

Afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii keessaa jiru hangam afaancha barsiisa Odeeffannoowwan afgaaffiidhaan barattoota kutaa sagalii Mana Barumsa Booraa sadarkaa 2ffaa argamee bifa itti aanu kanaan qaaceffamuun dhiyaate. Afgaaffii gaafatamaniif barattooni kutaa salgeffaa deebii kennaniiru.

Barattoonni afoola fayyadamuun afaan barachuu irratti afoolli kitaabicha keessatti argamu hangam afaanicha barsiisa yaada jedhu gaaffatamanii akka itti aanutti deebisan. Yaada kana ilaalchisuun barattoonni Afoolli kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa sagalii keessa jiruu boqonnaalee keessatti argaman fedhii afaan barachuun walqabatee jiru akka dabalun kan taasisu dha. Kunis bakka qabiyyeen afoolaa jiru hundatti hirmaannaa o'aatu jira. Haata'u malee, afoolonni kunniin ibsa bal'aafi baay'ina kan hinqabneedha".dabalataanis Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti boqonnaalee muraasa jalatti argama. Bakka afoolli jirutti hirmaannaan nidabala. Haata'u malee, afoola hawaasa keessa jiru waantoota adda addaa dhaloonni ammaa irraa barachuu danda'u bal'inaan kan jiran yoo ta'uu, kitaaba kana keessatti bal'inaan kan hinjirrefi kan jiranis ibsa gahaas of keessaa kan hinqabneedha"

Akka yaada barattootaa kana irraa hubachuun danda'amuutti afoola barachuutti barattoonni kan fedhii qaban ta'uudha. Kanaaf immoo bifa bal'ina qabuun kitaaba barnoota afaanii keessatti galuun akka qophaa'u kan barbaadan ta'uu mul'isa. Kana malees, afoola hawaasa keessa jiru walitti qabamee daree barnootaa keessatti barachuu kan barbaadan ta'uu fi gama hiika jechootaan,faallaa jechootaa fi caasluugaatiin qooda afoolli afaan barsiisuuf qabu akka armaan gadiitti ibsaniiru.

4.2.5.1.Hiika Jechootaa

Odeeffannoo afaaffii Caamsa 10, fi 15 /09/2012 barattoota kutaa salgeffaa irraa argameenis, wayita afoola gaaffatanis ta'ee gaafataman bashannanaa baratu waan ta'eef, adeemsa kana keessattis hiika jechootaa barachaa akka deeman kaasu. Waan ifa hintaanee wal gaafachaa waan deemaniif walirraa akka baratan dubbatu. Dabalataan afoolli daree barnootaa keessatti kennamu barattoonni jechoota haaraa akka barataniif fi muuxannoo dhuunfaan akka gabbifatan kan jajjabeessu dha.

Akka barattoonni Singitan Tasfaayee,Shaashii Marggaa,Kiisuu Sooressaa, Kamaal Waadoo fi Roobaa Badhoo guyyaa 10, fi 15 /09/2012 kaasan, dhiyaannaan afaan barsiisuu gocha bu'uureffate tooftaa waliigalteen afaan barsiisuutiin kan walqabatu yoo ta'uu, gochi shaakala afaan baratamuu sanatu gara kaayyoo afaan barachuutti geessa. Kana jechuun afaan kan baratamu shaakala barattoonni gaggeessan keessatti. Gochoonni dhiyaatan kan ogummaawwan afaaniin walfudhatanii wanta tokko giddugaleefachuun dhiyaatu.Haata'u malee barnoonni afoolaa yeroo kennamu shaakala ballaa akka goonuuf yeroon qabiyyee sanaaf kenname gahaa

miti.Kanaafuu haala qabatama hawaasicha keessa jiru baldhinaan barachuu irratti hanqinatuu jira jedhanii kaasu.

4.2.5.2. Faallaa Jechootaa

Barattoonni Gannaa Hasan Qaasim Haajii fi midhaksoo Qumbii Caamsaa 10 fi, 15/09/2012 dhiyaateen Afoola garagaraa akka fakkeenyaatti fudhachuun barachuun wanta dandeettii afaanii isaanii gama faallaa jechootaan cimsu keessaa isa tokko ta'uu kaasaniiru. Kunis, wayta hiibboo taphannutti jecha nuuf hin galle akka irra nuudeebi'amu waan gaafannuuf kana keessa wal irraa baraa deemuu, faallaa jecha tokkoo hubachuu dandeenya jechuun qorattuuf yaada isaanii afaaniin kennanii jiru.

4.2.5.3.Caas-luga Barsiisuu Keessatti

Akka barattoonni Geexee Garbichoo, Seenaa Jaallataa fi Ayyuu DagguuCaamsaa 10 fi 15/09/2012,afoolaan caasaa afaanii baruuf akka isaan gargaaru ibsaniiru. Mana barumsa sadarkaa tokkoffaa irraa kaasanii mana barumsaa keessatti gad fageenyaan barachuu baannullee afoolaa akka barachaa turan kaasuu. Kun immoo, isa mana barumsa sadarkaa lammeeffaatti barataniif akka bu'uura ta'eef himu. Dogongora gama kanaan uumamus salphumatti bira gahuu dandeenya waan jedhu dabalani kaasu. Haata'u malee, faayidaa afoolaa caasaa afaanii barsiisuuf qabu beekani itti fayyadamuu irratti laafinni akka jirus kaasaniiru.

Akka barattoonni Barruu Gafarsaa Dago Waliisoo Gurrachoo Diimaa Caamsaa 10 fi 15/09/2012, kaasanitti afoola keessatti akka kitaabolee afoolaa mana kitaabaa keessatti argaman tokko tokko dubbifnetti ergaa afoolichi qabu hubachuuf sirnoota tuqaalee achi keessatti hubachuu ni barbaachisa.Inni kun immoo bu'aa ba'ii sagalee fi kanneen yeedalloo qabaniifis murteessaa dha.Kana malees afoola keessatti tajaajilaa fi caasaa himaa nu barsiisuu danda'ature.Haata'u malee afoolli kitaaba keenya keessatti argamu akka gama hedduun shaakalluuf kan carraa kennu miti jechuun yaada isaanii kennu.

Qorattuun odeeffannoo afgaaffii, barattoota irraa argatteen afoola keessaa hiibboo dayeeffachuun hiikaa fi faallaa jechootaa adda baafachuun fooyyeeffachaa akka deeman hubatee jirti. Fakkeenyaaf, hiibboo " Halkan soressa, guyyaa hiyyeessa " jedhu keessatti barattoonni faallaa jechootaa baruuf carraa guddaa qabu. Hiibboon kunis taateewwan guyyaa fi halkanii dabalatee, faallaa jecha guyyaa jedhuu halkan, kan soressaa immoo hiyyeessa ta'uu ni baratu. Kanaaf hiibboon faallaa jechootaa barsiisuu keessatti qooda guddaa qaba. Kanaanis dandeettii jechoota faallaa xiinxaluu isaanii ni gabbifatu.Kana malees sirnoota tuqaalee barachuu akka danda'anii fi

himoota gama caasaa fi tajaajilaan afoola keessatti baratamuu akka danda'amu kanneen dubbisan irraa hubannoo qabaatan illee kitaabinni isaanii kan baldhinaan akka shaakalanii caasaalee afaanii kana akka barataniif carraa kan hin kennine ta'uu isaa ibsaniiru

4.2.5.4.Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii keessatti argamu jireenya ummata oromoo keessatti ammam bakka qaba jettanii yaaddu?

Afoolli kitaabicha keessa jiran jireenya ummata oromoo keessatti ammam bakka qaba yaada jedhu gaaffatamanii aadaa, duudhaa, muuxannoo, seenaafi mudannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti isa muudate kanittiin ibsatuudha jechuun barttoota gaaffataman keessaa harki caalaan deebii itti kennaniiru.

Afoola keessa akka fakkeenyaatti mammaaksa fudhachuun jireenya ummata oromoo keessatti bakka inni qabu barattooni akka armaan gadii kanatti yaada isanii ibsaniiru.

Tooftaa fayyadamuu akka qabnu gorsuuf.

Akka barattooni Gannaa Hasan Qaasim Haajii fi Midhagsoo Qunbii guyyaa 10 fi 15/09/2012 kaasan Mammaaksi ummata Oromoo biratti iddoo guddaa fi tajaajila baay'eef itti dhimma bahu.isaan keessaa inni tokko tooftaan waan humnaan raawwachuu hin dandeenye tokko karaa salphaa ta'een raawwachuu danda'uudha.Fakkeenyaaf

❖ Yoo humna qaban sagaleelolan,yoo humna dhaban sagalee tolan.

Oromoon tooftaa fayyadamuu irratti mammaaksaan yoo gorsan, “Yoo humna qaban sagaleen lolan,yoo humna dhaban sagalee tolan” jedhanii mammaaku. Ergaan mammaaksa kana keessa jiru,namni yeroo humna qabu waan sodaatamuuf jecha qofaan dhageettii qabaata. Yeroo humni hin jirre immoo dhageettiifi humni waan hin jirreef osoo namaan walitti hin bu'in afaan tolee tooftaan jiraachuu akka qabu gorsa. Kanaaf, mammaaksi kun yeroo waliin deemuu fi malaan jiraachuu akka qabnu kan gorsuudha.

❖ Harka deebisuu dadhaban ni dhungatu.

Mammaaksi kun afgaaffii barattoota waliin taasifameen kan argame yoo ta'u, tooftaa fayyadamuun barbaachisaa ta'uu kan gorsuudha. Namoonni jireenya waliin taasisan keessatti wal dhabuu danda'u. Wal dhabbiin kun cimee gara walitti bu'iinsaatti ce'uu danda'a. Walitti bu'iinsa uumamuun inni tokko moo'amaa yoo ta'u, inni tokko immoo moo'aadha.Inni moo'ame miidhama isaa deebifachuuf yookiin guyyaa haalli mijateef haaloo bahuuf yaaluun hin hafu. Hangasitti garuu inni miidhame itti dallanuu dhiisee karaa nagaan itti dhiyaatee waliin jiraachuu akka qabu kan gorsuudha.

❖ **Arba malaan malee humnaan hin ajjeesan.**

Mammaaksi kun afaaffii barattoota Geexee Garbichoo, Ayyuu Dagguu fi Seenaa Jaallataa guyyaa 10 fi 15 /09/2012 waliin taasifameen kan argame yoo ta’u, jiruuf jireenya keessatti waan humnaan dadhabne tokko tooftaadhaan irra aanuu akka qabnu kan gorsuudha. Ergaan mammaaksi kun dabarsuu barbaade waan humnaan moo’uu hin dandeenye mala moo’uu nu dandeessisu fayyadamuu akka qabnu kan gorsuudha. Arbi bineensa guddaafi humna cimaa qabuudha. Bineensa guddaafi humna cimaa qabu kana humnaan waliin dorgomuun of miidhuu ta’a. Kanaaf, mammaaksi kun waan dandeettii keenyaa ol ta’e humnaan yaaluu irra tooftaatti fayyadamuu akka qabnu kan gorsuudha.

Dagoo Waliisoo Gurrachoo Diimaa, Singitan Tasfaayee fi Barruu Gafarsaa guyyaa 10 fi 15 /09/2012 akka ibsanitti **Waan hin oollerratti abdiin akka jiraatan gorsuuf.** Haqni waan addunyaa kana irratti namni hundi walii galuufi daba tokkollee of keessaa hin qabneedha. Dabalataan, dhugaan waan nama hunda biratti fudhatama qabuufi namni hundi sirriidha jedhee amanuudha. Hawaasa Oromoo keessatti haqni waan baay’ee barbaachisu ta’uu maanguddoonni waan haqa ta’e irratti mammaksota kanaa gadiitti fayyadamuun dhalootaaf gorsa kennu.

❖ **Du’aafi dullumarraa hin oolan**

Akka ragaan odeeffannoo kennitootarraa argame ibsutti, hawaasni Oromoo haqa jiru irratti mammaaksaan yoo hubachiisan, “Du’aafi dullumarraa hin oolan” jedhanii mammaaku. Mammaaksi kun namni akkuma seera uumamaa hordofee dhalatu seera uumamaa hordofee guddachuun dhumarratti kan du’u ta’uu hubachiisa. Namni tokko erga dhalateen booda dulloomuufi du’uun waan hin oolledha. Namni osoo hin jaalatin dullooma akkasumas, osoo hin jaalatin du’a. Kun immoo addunyaa kana irratti waan dhugaan jiruufi haqa namni kamuu beekudha. Kanaaf, mammaaksi kun duutiifi dullumni haqa uumamaa nama dhalate kamuu qunnamuu danda’u waanta’eef yaaddoo tokko malee abdiin akka jiraannu gorsa kan kennuudha. Akka Barattoonni Shaashee Margaa, Kiisuu Soressaa, Kamaal Waadoo fi Roobaa Badhoo ibsanitti Ummanni Oromoo durdurii isaan seenaa darbe yaadachiisaa kan gara fuulduraa akka tilmaaman taasisa. Kana malees waantota dubbachuu hin dandeenye akka waan dubbachuu danda’anitti dhimma bahuun durduriin faayidaa abshaalummaa, miidhaa gowwummaa, miidhaa gorsa diduu fi kkf barsiisu. Fakkeenyaaf durduriin kitaaba keenyaa fuula sagaltamii lama hanga fuula sagaltamii afuriitti jiru kan mata dureen isaa “Saree fi Harree jedhu” harreen gorsa saree diddee waraabessaan nyaatamte. Kana keessatti gorsa diduun miidhaa maalii akka qabu tooftaan

ummanni oromoo ijoollee isaa barsiisa. Kanaaf durduriis ta'e afoolonna kitaaba keenya keessatti argaman hundinuu jireenya ummata Oromoo keessatti kan bakka hin qabne akka hin jirre barattoonni kun yaada isaanii ibsu.

Qorattuun yaada barattoota irraa argate mammaaksa lama fi durdurii fakkeenya fudhachuun akka armaan gadii kanatti cuunfiteetti.

❖ **Malaan malaa baasu**

Qaamni namaa waan garagaraatiin yoo miidhame yookiin rukutame keessa isaatti malaa kuufatee nama dhukkubuu danda'a. Malaa kuufame kana akkuma arganitti malaasuuf yaaluun nama dhukkubsuu danda'a. Akka nama hin dhukkubneef immoo malaan malaasuun filatamaadha. Kunis wanta keessa isaatti kuufamee jiru osoo nama hin dhukkubin akka inni bahu gochuudha. Kana malees, mammaaksi kun waan nama rakkisu tokko tooftaadhaan irra aanuu akka qabnu kan gorsuudha.

❖ **Waan namni dahuu fi waan namni ta'u hin beekan.**

Akka maanguddoon Oromoo ibsanitti, uummanni Oromoo namni waan gara fuulduraatti ta'u kan hin beekne ta'uu mammaaksaan yoo hubachiisan, "Waan namni dahuufi waan namni ta'u hin beekan" jedhanii mammaaku. Namni tokko ijaan nama ilaalee daa'imni garaa namaa jiru maal akka fakkaatu beekuu hin danda'u. Akkuma kana daa'imni dhalate tokko hireen isaa gara fuulduraa maal akka ta'u beekuun rakkisaadha. Kun immoo haqa jiruudha. Kanaaf, mammaaksi kun namni waan dahuufi gara fuulduraatti hireen isaa maal akka ta'u waan hin beekamneef abdiin eeguun akka barbaachisu kan gorsuudha. Kana malees ummanni Oromoo durdurii isaatiin seenaa darbe yaadachiisaa kan gara fuulduraa tilmaamsisuuf jireenya isanii keessatti waantoota miidhaa qabanii fi faayidaa qaban adda baasanii akka beekan afoola inni itti dhimma bahu keessaa tokko durdurii akka ta'e fi afoolawwan kitaabicha keessatti argaman martuu jireenya ummata Oromoo keessatti iddoo kan qaban ta'uu isaa yaada barattoonni kaasan irraa hubatameera.

4.2.5.5. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa keessanii afoolaan dandeettiwwan afaanii gurguddoo (dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuu, dubbisuu,) akka barattaniif haala mijataa akkamii qaba?

Afoolli kitaaba kana keessatti itti gargaaraman ammam dandeettiwwan afaanichaa barsiisa yaada jedhu gaaffatamanii afoolli dandeettiwwan afaanii kanneen akka dubbisuu, dhageeffachuu, dubbachuufi barreessuu bakka tokko tokkotti shaakala keessatti nijira.

Akka barattoonni Roobaa Badhoo,Gannaa Hasan,Ayyuu Dagguu fi singitan Tasfaayee Caamsa 10, fi 15 / 09/2012 ibsanitti afoolli dandeettiiwwan afaanii afran keessaa caalaattii dandeettii dubbachuu fi dhaggeeffachuu akka cimsuu danda'u kaasu. Afoola keessaa Hiibboon dandeettii dubbachuu fi dhaggeeffachuu akka cimsu ilaalchisee.Barattoonni kun hiibboon waliin dubbii fi wal dhaggeeffachuu waan qabuuf adeemsa dubbachuu fi dhaggeeffachuu keessatti dandeettiiwwan bu''raa kana akka cimsataniif hiibboon kan gargaaru ta'uu ibsu.

Haata'u malee hiibboon kitaaba keenya keessatti argamu baay'ee muraasa waan ta'eef adeemsa shaakalli hedduu keessaan dandeettiiwwan kan akka cimsannuuf kan nu gargaaru miti jechuun yaada isaanii ibsu.

Akka barattoonni Gurrachoo Diimaa,Seenaa Jaallataa,Midhagsoo Qunbii fi kamaal Waadoo kaasanitti Afoolli dandeettiiwwan afaanii cimsuu keessatti qooda guddaa qaba. Akkasumas, ergaa fi mallattoon isaa sammu barattootaa si'oomsuun nuffii malee akka barataniif karaa bana.Fakkeenyaaf Geerarsi kitaaba keenya keesatti fuula toorbaatamii afur keessatti argamu dandeettiiwwan afaanii arfan dubbisuu,barreessuu,dubbisuu fi dhaggeeffachuu akka cimsannu kan nu jajjabeessu jechuun kaasaniiru.

Yaaduma kana cimsuun barattoonni Geexee Garbichoo Qaasim Haajji,Kamaal Waadoo,kiisuu Sooressaa fi Shaashii Margaa geerarsaan dandeetti barreessuu keessatti sirnoota tuqaalee, qindoomina yaadaa fi dandeettii dubbisuu keenyaa akka gabbifannuuf kan nu gargaarudha jechuun ibsu.

Qorattuunis, gama ishiitiin faayidaa hiibboon dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabu caalaatti 'dhaggeeffachuu fi dubbachuu' cimsuu irratti qabu hubatee jirti. Ijoolleen wayta gaafataniifi gaafataman osoo sagaleen jeequ jiraachuu baatee filatu.Sagaleen wayiitis akka isaan hinjeeqne barbaadu. Kun immoo qophaa'ummaa, xiyyeeffannaan isaan hiibboo sana dhaggeeffachuuf qaban mul'isa.

Fakkeenyaaf, hiibboo " **Haadha keessaa baatee haadha dhiitti** " jedhu yammuu gaafataman, ergaa hiibboo kanaa guutummaan guutuutti hubachuuf, irra deebii gaafatu. Akka irra deebi'amu gaafachuun isaanii hiibboo sana haalaan dhageeffachuun dhaamsa hiibbichaa gargar baafatani haala qabatama naannoo isaanii keessatti akka hiikkataniif isaan gargaara. Erga dhaggeeffachuun, dhaamsa hiibbichaa hubatani gara deebii kennuutti deemu; nidubbatu jechuudha.Yoo deebii argate milkaaye, yoo deebii atattamaan argachuu baate garuu baay'ee waan ifaajuuf waan baay'ee maqaa dhaya, nidubbata.

Carraaqqii barattoonni deebii hiibboo argachuuf taasisaniif sirritti dhaggeeffachuun isa jalqabaati, itti aansuun nidubbatu. Adeemsa kana keessas, barattoonni dandeettiiwwan afaanii arfan, keessaayyuu dhaggeeffachuufi dubbachuu daran nicimsatu. Darbee darbees wayta bifa hojmaneetiin mana barumsaarraa kennamuuf immoo barreessuufi dubbisuus nifooyyeeffatu. kana malees geerarsi kitaabicha keessatti argamu dandeettiiwwan dubbisuu barreessuu, dhaggeeffachuu fi adeemsa odeeffannoo fudhachuu keessatti dandeetti dubbachuu horachuu akka danda'an yaada barattoonni ibsan irraa hubatameera.

Akka yaada olii kanarraa hubachuun dannda'amutti, afoolan barchuu isaanitti bu'aa qabatamaa kanneen akka dandeettiiwwan afaanii gabbifachuu, hiika jechootaa sirriifi dhokataa akka hiikatan kan dandeessisu ta'uufi casaluga afoolan barsiisuuf akka tolutti kan hin qophoofne ta'uu mul'isa. Walumaagalatti, yaadni afgaaffiitiin argames kan barsiisonni kennaniifi barattoonni kennaniin kan wal utubuudha.

4.2.4.2.6. Afoolan walqabatee kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa keessanii keessatti hanqina akkamii jira?

Afoola fayyadamuun afaan barsiisuu keessatti hanqina kataaba barataa kutaa sagalii qabu barattoonni yeroo gaaffataman. Afoolli kitaaba keessa jiru ibsa deeggaramee kan dhiyaatee miti. Gilgaalonni jiran kan baaye'ee shaakalsiisuuf kan gargaaranii miti. Gama biraatin dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa kan barattoonni caalmatti hanqina qabaniif xiyyeeffanna addaa hin kennine. Barattoonni dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu irraatti rakkoo kan qaban yoo ta'uu, kitaaba kana keessatti dandeettiiwwan kanaaf dursa kennuun bal'inaan ofkeessaa hinqaban jedhu.

4.2.5.6. Afoolli kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti haala kamiin osoo jiraatee wayya jettee yaadda?

Afoolan dandeettiiwwan afaanii, hiika jechootaa, caaslugaafi qabiyyeewwan afoolaa garaagaraa barachuu irrattii hanqina mul'atuuf yaada furmaataa ta'a jedhanii barattoonni kan kaa'an kanneen armaan gadiiti. Yaada kana ilaalchisuun barattoonni irra caalaan yoo ibsan :- afoolli yeroo dhiyaatu baay'ina gosoota afoolaa keessaa kanneen dandeettiiwwanii fi hiika jechootaa, caaslugaa, duudhaa, safuu fi sirnoota adda addaa akka barsiisuu danda'aniin of keessatti hammachiisun shaakala gahaa waliin dhiyaachuu qaba kan jedhaniidha. Yaada oliirraa hubachuun akka danda'amuutti, afoolan qabiyyee biroo barsiisuuf akka mijatuutti fi bal'inaan jiraachuu akka qabu dabalataan shaakalli gilgaalotaa baldhinaan jiraachuu akka qabu ibsu

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOO FI YABOO

Boqonnaan kun haala waliigala boqonnaalee darbanii cuunfee kan kaawudha. Kunis, dhimmoota sadi irratti kan xiyyeeffatuudha. Inni duraa cuunfaa qorannichaa dhiyeessuu yoo ta’u, kan lammataa argannoo yoo ta’u, inni dhumaa immoo yaboodha. Cuunfaan yaada waliigala qorannichaa cuunfee kan kaa’u yoo ta’u, Argannoon waan haarawaa qorannoo kanaan argamee dha. Yaboon immoo waan gara fuulduraatti qorannoo kanaan walqabatee ta’uu qabu yaada qorattuun dhaamtudha.

5.1. Cuunfaa Qorannichaa

Xinxala Afoola fayyadamuun Afaan oromoo kutaa 9^{ffaa} barsiisuu mata duree qoranichaa yemmuu ta’u odeeffannoowwan maloota qorannoowwaniitti gargaaramuun funaanaman walitti qabuun qaacceffamanii ibsamanirraa ka’uun yaadoleen armaan gadii akka cuunfaatti Kan taa’aniidha.

Afoolli aadaa, duudhaa, safuu, ogummaa, falaasama, amantaa, seenaa, ilaalcha, beekumsa uummataa kan kuufame, mudannoowwaniifi muxannoowwan hawaasaa afaanifi gochaan dhalootarraa dhalootatti daddarbaa dhufeefi ammas, daddarbaa kan jiruu kalaqa hawaasaati.

Qorannoo kana keessatti madda ragaalee kan sakatta’a dookimantii kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa

Af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo kutaa salgeffaa barsiisan lama, barattoota kutaa salgeffaa immoo baay’inni isaanii kudha afur ta’antu ture. Barattoonni mala kaayyoon kan filatamanii fi barsiisonni iddattoof filataman mala iddaattessuu itti yaadeetiini. Odeeffannoon sakatta’a kitaabaa gabatee ibsi itti kennameerraati. Odeeffannoowwan argame immoo jechaan addeeffamaniiru. Karaa biraatiinis, kitaabiileen wabii fi qorannoon namoota gara garaatiin adeemsifaman sakatta’a barruu firoommii qorannichaa keessatti yommuu wabeeffamuun dhiyaatan, boqonnaalee qorannoo shananuu keessatti mata dureewwan gurguddoofi xixiqqoon duraa duubaan galaniiru. Walumaagalatti qorannoon kun xiinxala afoola fayyadamuun afaan Oromoo kutaa salgeffaa barsiisuu irratti xiyyeeffatee raga sakatta’a barruu kitaaba afaan Oromoo fi af gaaffii barsiisotaa fi barattoota irraa argame mala kaayyoon xiinxalame. Bu’aan qorannoo kanaas, afoola fayyadamanii afaan Oromoo barsiisuuf qabiyyeen afoolaa kitaabicha keessatti argaman afaan barsiisuuf shaakala barattootaa irratti xiyyeeffachuu dhiisee ibsa dhuunfaa irratti

xiyyeeffachuun shaakala barattoota kan xiqqeesse ta'uun isaa hubatameera. Kanaaf qorattuun haalli dhiyaannaa afoola kitaaba afaan Oromoo shaakala barattoota kan cimsuu fi haal jireenya uummatichaa, duudhaa fi safuu isaa sirriitti kan barsiisu ta'ee osoo qophaayee yaada jedhu qabdi. Haaluma kanaan argannoowwan qorannicha kanaa ta'an bifa itti aanu kanaan dhiyaataniiru.

5.2. Argannoo Qorannichaa

- Qaaccessa taasifameen goorowwan afoolaa kitaaba afaan Oromoo kutaa salgeffaa keessatti darbee darbee argamus haalli ittiin dhiyaate angam afaanicha barsiisa kan jedhu yoo ilaalle gilgaalota afoolaan walqabatani jiran irraa hubachuun akka danda'ametti akka waa waamadaalan gochaan akka agarsiisan galumsaan hiika akka kennan akkasumas gareen akka keessatti hirmaatanitti walsimsiisee dhiyeessuu osoo qabuu deebii afaanii fi shaakala dhuunfaa irratti iyyeefachuun barattoonni qixa barbaadameen qabiyyee afaanii kitaabicha keessatti argaman hubachuu irratti akka rakkisu adda baafameera.
- Xiinxala taasifamerraa hubachuun akka danda'ametti afoolli kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa salgeffaa keessatti argaman jireenya uummatichaa biratti bakka haaqabaatan malee haalli dhiyaannaa isaa barattoonni duudhaa fi safuu uummatichaa akka sirriitti barataniif kan haala hin mijeessine ta'u fi gilgaalonni dhiyaatan gochaa fi jechaan, akkasumas gareen shaakalanii si'ayyinaan bartee fi safeeffanaa uummata isaanii akka baranitti dhiyeessuu dhabuun ibsa afaanii fi hojii dhuunfaa irratti kabu'uureffate ta'uun isaa hubatameera.
- Afoolli Mana barumsaa keessatti barattoonni dandeettiwwan afaanii karaa idilee ta'een akka isaan cimsataniif nigargaara. Keessattuu, dandeettii dubbachuu dubbisuu, barreessuu fi dhaggeeffachuu daran akka cimuu taasisa. Haata'u malee, afoolli gilgaalota kitaaba afaan Oromoo kutaa salgeffaa keessatti argaman dandeettiwwan afaanii qindoominaan kan hin dhiyaane ta'uun isaa beekameera.
- Walumaagalatti qaaccessi kun xiinxala afoola fayyadamuun afaan Oromoo kutaa salgaaffaa barsiisuu jedhu irratti afoolli kitaabicha keessatti argaman, afaan barsiisuuf, jireenya uummatichaa biratti bakka qabaachuu fi dandeettiwwan afaanii barsiisuu keessatti haalli dhiyaannaa afoolaa gadi fageenyaan barsiisuuf xiyyeeffannoo kan hin kennine ta'uun isaa qaaccessa kana irraa arga

5.3. Yaboo

Adeemsa qorannoo kana keessatti wantoonni hubatamaniifi bira ga'aman akkuma jirutti ta'ee, karaa biraa gara fuulduraatti wantoonni xiyyeeffannoo argatanii hojjetamuu qabanis akka jiran kaasuun barbaachisaadha.

- Qabiyyeen kitaaba barnoota afaan orommoo kutaa salgeffaa afaan barsiifamu/baratamuf yeroo dhiyaatu haala dhiyeenya afoolaaf malleen filataman kanneen akka agarsiisaa, gaaffii fi deebii, marii, gochaan dhiyeessuu fi hojii garee osoo ta'ee shaakala sadarkaa barattootaan walmadaalu akka madaalan, hiika galuumsaa akka kennanii fi gochaan yookan jechaan akka dhiyeessu danda'aniitti osoo dhiyaatee gaarii ta'a.
- Afoolli yeroo dheeraaf hawaasichi waan itti fayyadamaa tureef seera afaanii eegee akka dhiyaatuuf hanga danda'ame jechoota walta'aatti fiduun akka dhiyaatuu fi akka barreeffamu gochuu dha. Kana malees uummanni Oromoo mammaksota isaan fayyadamuun jiruu fijireenya isanii keessatti akka walbarsiisan, walqajeelchan, walkabajanii fi waldanda'uun, namoota gidduutti hariiroo gaariin akka jiraatutti osoo dhiyaatee gaariidha.
- Afoolli yeroo dhiyaatu baay'ina gosoota afoolaa keessaa kanneen dandeettiwwanii fi hiika jechootaa, caaslugaa, duudhaa, safuu fi sirnoota adda addaa akka barsiisuu danda'aniin of keessatti hammachiisun shaakala gahaa waliin akka dhiyaatu otoo ta'e gaariidha yaada jedhu qoratuun qabdi.
- Barsiisonni Afaan Oromoo barnoota afaanii keessatti Afoola gargaaramuun waan heddu barattoota barsiisuu danda'u. Kanaaf, afoolli kun karaa idileeffameen osoo hojiirra oolee gaarii ta'a.
- Afoola fayyadamanii afaan barsiisuun faayidaa guddaa waan qabuuf akka barnoo tokkoo qofatti yookaan mata duree muraasaan kennuun gahaa miti. kanaafuu akka gosa barnoota tokkotti osoo kenname kana caala bu'aa guddaa buusa yaada jedhun qaba.

Wabii

- Abbabaa Gabbisaa (2018).”*Xiinxaaala dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnoota afaan oromoo keessatti (kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaa kan bu’uureffate).*” Waraqaa Digrii Lammaffaa (MA) guuttachuuf . Yuunivarsiitii Finfinnee kan hinmaxanfamne.
- Abdurrahimaan Abdulqaadir. (2008). “Qaaccessa Afoola Ogummaa Afaanii gurguddoo arfan *barsiisuu keessatti*”. Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) guuttacchuuf.Yuunivarsiitii Finfinnee kan hinmaxanfamne.
- Addunyaan Barkeessa (2011) *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Finfinne : Mega Printing Press.
- Andrzejewski,B.W.S.Plaszewicz,W.Tyloch.(1985).Literature in African Languages. Theoretical Issues and Surveys. Cambridge University press.
- Asaffaa Tafarraa.(1991). Wiirtuu.Jildii-4. Barruulee Waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.
- Beekan Gulummaa (2015) *Koomtoo:Gooma Afoola Oromoo*.Finfinnee,Oromiyaa
- Ben-Amos, (1975)*Towards a Definition of Folklore in Context*.(Reading in American folklore). Newdeli: South Asian Publishers ltd.
- (BBO,1991) *Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Jildii IV*. Finfinnee
- Bukenya,R. (eds) .(1994).*Understanding Oral Literature*.Nairobi:Nairobi University Press .
- Dastaa Dassaalany (2013) *Bu’uura Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC
- Dorson, R. (1972). *Folklore and folklife; an introduction*.Chicago: The University of Chicago.
- Fedhasaa Taaddasaa (2017).*Bu’uuraalee Ogbarruu Oromoo*.Finfinnee; Dhaabbata Maxxansa Boolee.
- Fekade Azeze .(1991). *Yesineqal Mamriya: Institute For International Co Opration Of The Jerman Adult Education Association*
- Finnegan,R.(1970).*Oral Literature in Africa*.Nairobi:Oxford University Press
- . _____.(1976).*Oral Literature in Africa*.Oxford: Oxford University Press.
- Ge Geetaachoo Rabbirraa.(2009). *Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Intarnaashinaalii.
- Getachoo Rabbirraa, (2008). *Furtuu Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee
- Georges, R.A and Jones, M.O. (1995). *Folkloristic: An introduction*. Biloomingonton and Indiana polis: Indiana University Press.

- Haannaa Malkaamuu. (2010). “Xiinxaaala dhiyaannaa afoola Oromoo kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa”. Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (MA) guuttacchuuf. Yuunivarsiitii Finfinnee kan hin maxanfamme.
- Jaarraa W.f. Wasanee B. (2001) *Learning how to ask: A Sociolinguistics Appraisal of the role of the Interview in Social Science Research*. Cambridge University press.
- _____ (2001) *Bantuu Haaraa: Caaslugaa fi Ogbarruu Afaan Oromoo finfinnee: Oromiyaa*.
- Lauritzen, Carol. (1980). *Oral Literature and The Teaching of Reading*. International Reading Association
- Malimo S. (2009). *An oral literature Course Book*. Nairobi: The National Educational Services.
- McMahan Elizabeth, Susan Day, Robert Funk. (1986). *Literature and the Writing Process*. New York: Macmillan Publishing Company.
- Misgaanuu Gulummaa (2017) *Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee*
- Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee*.
- Rai, A. (2012) *Use of Literature in Teaching English*. Technocrats Institute of Technology, Bhopal, M.P., India.
- Solomon Areaya . (2004). *Qualitative Research: Beyond a Number Game*. Institute of Educational Research Flambeau. Addis Ababa University (Vol.aaNo.2)
- Tesema Ta'a. (2005). *Oromo Traditional Songs*. In Catherine Griefenow-Mewis/Tamene Bitima (eds.) *Oromo oral poetry: seen from within*. Kolen: Rudiger Koppe verlag, 13-40
- Victor, D. (2009). *Research Design and Methods for studying Culculture*. New York: Altamira
- Wanee Bashaa (2008) *Bantuu haaraa caaslugaa fi ogbarruu Afaan Oromoo: Finfinnee EMAY:printer*.
- Zarihuun Asfaaw (1992), *የሰነድ ምረቃዎች ለግንዛቤ አባባ ግንድ ማተሚያ ድርጅት::*

Waraqaa mirkaneeffanaa

Ani maqaafi mallattoon koo armaan gaditti kan argamu warqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kook kan ta'eefi kanaan dura digirii gosa kamiifiyyuu kan hindhiyaanne ta'uu isaafi wabiin itti gargaarame hunda kanan beeksise ta'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Mabraatee Gurmoo

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka inni dhiyaatu kanan mirkaneesse ta'uu koo nan beeksisa.

Maqaa Dinqeessaa Dheeressaa (PhD)

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Dabaleewwan

Dabalee “A”

Yunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa Joornaaliziimiifi

Sabquunnantiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

1. Gaaffilee Ka'umsaa sakatta'a dookimentii yookaan Kitaaba Afaan Oromoo kutaa sagaliitiif qopha'e.

T/L	Boqonnaa	Baay'ina Gilgaalota qabiyyee afoolaa	Baay'ina Gilgaalota qabiyyee biroo	Baay'ina Gilgaalota qabiyyee waliigalaa
1	Boqonnaa tokko	2	5	7
2	Boqonnaa lamma	-	9	9
3	Boqonnaa sadii	-	5	5
4	Boqonnaa afur	-	6	6
5	Boqonnaa shan	-	6	6
6	Boqonnaa jahaa	-	5	5
7	Boqonnaa toorba	1	6	7
8	Boqonnaa sadeet	1	5	6
9	Boqonnaa sagal	2	11	13
10	Boqonnaa kudhan	-	8	8
11	Boqonnaa kudha tokko	-	6	6
12	Boqonnaa kudha lama	-	7	7
13	Boqonnaa kudha sadii	-	5	5
14	Boqonnaa kudha afur	2	6	8
15	Boqonnaa kudha shan	1	5	6
16	Boqonnaa kudha jaha	3	3	6
17	Boqonnaa kudha toorba	3	4	7
18	Boqonnaa kudha sadeetl	-	5	5
	Ida'ama	15	107	122

2.Kitaabni barumsa afaan Oromoo kun afoola fayyadamuun hangam afaanicha barsiisaa jira?

lakk	Gosoota afoolaan akkamitt akka afaan barsiifame.	Boqonnaa fi afoolli kun jalatti argamu		Fuula	yaada
		Boqonnaa	Mata duree		
1	Mammaaksa	1	Afaaniifi faayidaa isaa	7-11	
		14	Bilillee(Mahibuubaa)	136	
		17	Garaan walitti na'e	170-171	
2	Geerarsa	7	Generaal Taaddasaa Birruu	74	
3	Tapha ijoollee	8	Sirna Nyaataa	82	
4	Durdurii	9	Miidhaa Ilbisoonni Qaama Beeyilladaa Irratti Fidan	92-94	
		14	Bilillee(Mahibuubaa)	137	
5	Hiibboo	14	Bilillee(Mahibuubaa)	137	
6	Faaruu	15	Looga Afaan Oromoo	150-151	
		16	Yeroo yeroon Qabi	156-157	
		16	Yeroo yeroon Qabi	158	
7	Sadoomii	16	Yeroo yeroon Qabi	159-160	
		17	Garaa walitti na'e	168	
		17	Garaa walitti na'e	168-169	

3. Afoolli kitaabicha keessa jiran jireenya ummata oromoo keessatti ammam bakka qaba.

lakk	Gosa afoolaa	Boqonnaa fi afoolli kun jalatti argamu		fuula	Faayidaa afoolli kun jireenya ummata oromoo keessatti qabu.
		Boqonnaa	Mata duree		
1	Mammaaksa	1	Afaaniifi faayidaa isaa	7-11	
		14	Bilillee(Mahibuubaa)	136	
		17	Garaan walitti na'e	170-171	
2	Geerarsa	7	GeneraalTaaddasaaBirruu	74	
3	Tapha ijoollee	8	Sirna Nyaataa	82	
4	Durdurii	9	Miidhaallbisoonniqaama Beeyilladaa Irratti Fidan	92-94	
		14	Bilillee(Mahibuubaa)	137	
5	Hiibboo	14	Bilillee(Mahibuubaa)	137	
6	Faaruu	15	Looga Afaan Oromoo	150-151	
		16	Yeroo yeroon Qabi	156-157	
		16	Yeroo yeroon Qabi	158	
7	Sadoonii	16	Yeroo yeroon Qabi	159-160	
		17	Garaa walitti na'e	168	
		17	Garaa walitti na'e	168-169	

Xinxala Afoola faayyadamanii dandeettiwwan Afaanii barsiisuu kitaaba Afaan oromoo kutaa salgeffaa

T/ L	Gosoota afoolaa	Dandeettiwwan afaanii				Boqonnaafi fuula	
		Dubbachu u Barsiisuu	Dhageeffachu u barsiisuu	Barreessu u Barsiisuu	Dubbisu u barsiisuu	Boqonna aa	Fuula
1	Mammaaksa	✓		✓		1	7-11
						14	136
						17	170-171
2	Geerarsa	✓	✓	✓	✓	7	74
3	Tapha ijoollee	✓	✓	✓		8	82
4	Durdurii	✓	✓		✓	9	92-94
						14	137
5	Hiibboo	✓	✓		✓	14	137
6	Faaruu	✓	✓			15	150-1558
7	Sadomii			✓		16	159-169

**KOOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA,
JOORNAALIIZIIMII FI SAB-QUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFII FOOKLOORII**

Afgaaffii Barsiisotaaf Qophaa'e

Gaaffannoon kun barsiisota Sadarkaa 2ffaa (kutaa 9ffaa) Afaan Oromoo barsiisan kan ilaallatuudha. Kaayyoon qorannoo xinxala Afoola fayyadamuun Afaan oromoo kutaa 9^{ffaa} barsiisuuraawwiisaa qaaccessuudha. Odeeffannoon si irraa argadhus, hojii qorannoo kanaaf qofa kan ooludha. Kanaaf, bilisa ta'uun gaafannoo kana akka naaf deebistu kabajaan sigaafadha.

Galatoomi!

1. Afoolli Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa sagalii keessatti dhiyaate hangam afaanicha isin barsiisuuf kan qopha'e dha.

2.Kitaabni barataa kutaa sagalii kun Barattoonni akka hawaasa naannoorraa afoola baratan waan gumaachu qabaa? Fkn aadaa duudhaa fi kkf.

3.Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa keessanii afoolaan dandeettiwwan afaanii gurguddoo (dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuu, dubbisuu, akkasumas Caaslugaafi hiikaa jechootaa) akka barattaniif haala mijataa akkamii qaba?

4.Haalli barsiisuu afoolaa kitaaba barataa kutaa sagalii keesstti dhiyaate hanqina akkamii qaba?

5.Haalli dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnootaa keessatti akkamitti yoo dhiyaate fooyya'aadhaa?

Yunivarsiitii Finfinnee,Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa Joornaaliziimiifi Sabquunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii

Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattoota Kutaa sagalii bartu tajiitiif Qophaa'e.

1. Afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii keessaa jiru hangam afaanicha barsiisa?

2. Afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessan keessatti argamu barachuu keessaniin bu'aa maal hawaasa Oromoo tiif gummaachitu.

3.Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa keessanii afoolaan dandeettiwwan afaanii gurguddoo (dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuu, dubbisuu, akkasumas Caaslugaafi hiikaa jechootaa) akka barattaniif haala mijataa akkamii qaba?

4. Afoolan walqabatee kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa keessanii keessatti hanqina akkamii jira?

5. Afoolli kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti haala kamiin osoo jiraatee wayya jettee yaadda?